

# AMANAMUMMAA WAAQAYYOO ABDII KEENYA

JAAKII OOCIIN

## SEERA UUMAMAA 24-33

*BARNOOTA 1<sup>FFAA</sup>: HAADHA MANAA YISIHAAQ-ATI INTALA  
EENYUUTII?*

*BARNOOTA 2<sup>FFAA</sup>: TUFFATAMAA FI GOYYOMSAMAA-MIRGA  
DHALOOTAA FIEEBBA*

*BARNOOTA 3<sup>FFAA</sup>: YAAQOB BAQACHUU ISAA-AMMA EESAA 'U  
YAAQOBIIN IN JIBBE*

*BARNOOTAA 4<sup>FFAA</sup>: INNI GOYYOMSAAN IN GOYYOMSAME-  
BERSHAABEE IRRAA HANGA KAARAANITTI*

*BARNOOTA 5<sup>FFAA</sup>: DHALACHUU ILMA YAABOB- LIYAA IRRA  
CAALCHISEE RAAHEELIIN JAAL'ATE*

*BARNOOTA 6<sup>FFAA</sup>: YAAQOB WAAQAYYOO WAJJIN WAL'AANSOO  
QABUU ISAA-GALAANA YAABOOQ CE'UU*

“ ... ani sagalee kee laphee koo keessa keewwadheera...” Faarsaa 119:1

***Mana maxxansa TEENZPAAWORIIN kan kophaa'e.***

*www.tenthpowerpublishing.com*

*Abbaan mirgaa Tajaajila KiroosKonneeki dha©2014*

*www.crosscm.org*

*Mirgi isaa seeraan kan eegameedha. Eeyyama barreessaa malee kitaaba kana haala kamiin iyyuu baayisani raabsuun, garagalchani(Kooppi godhani) tamsaasuun dhorkaadha. Nama kitaabich madaalu qofatu kutaa muraasaatti gargaaramee wabii godhachuun itti gargaaramuu danda'a.*

*Ibsi addaa kennamuudhaa baannaan, barreeffamni kun hudumtuu kutaa macaafa Qulqulluu maxxansa waalta'aa irraa mirgi isaa© 2001 KirooWey,tajaajila maxxansaa sagalee misiraachuu isa kan Waaqayyoo dhaan kan eegamuu dha. Kun keeyyamaan hojii irra kan fudhatamanii dha.*

## SEENSA

Adeemsa jireenya keessan gara fula duraa qajeelchu eegaluuf jirtu. Adeemsi keessan adda kan ta'ee fi fedha guddaa isin ubannaa keessan isan kan kitaaba Macaafa Qulqulluu jedhamuu guddifachuuf qabdanu irraatti hundaa'a. Qo'annoo kanaaf kaka'umsi fi of kennuun keessan dubbii Waaqayyo kara sagalee isaa isitti dubbatuun jireenya keessan guddisuu fi badhaadhumma jireenya hafuuraa isiniif kenuuf abdii qaba.

Yeroo qo'attanu meeshaalee barbaachisaa ta'an kana of biraa akkaa qabaattanu isin jajjabeessina..

1. *Qutaa (boqonnaa)macaafa Qulqulluu kan qoa'annoo kanaf ramadame: Amanamummaa Waaqayyoo, Abdiikeenya kanjedhu*
2. Macaafa qulqulluu kan hiika waalteffamaadhaan qophaa'e. Hubachiisa: Macaafa Qulqulluu haaraa bitattu yoo ta'e, danda'amnaan kan qabxiilee armaan dagii of keessaa qabu filadhaa
  - a. tuqaalee wabii gara walakkeessa xumura fuula fuula kutichaa irraa qabu
  - b. Kan xumura yookan gada dugdaa irraa hiika jechootaa qabu
  - c. Kaartaa barbaachisaa ta'e muraasa gara dugda isaa irraa kan qabu
3. Iskiriipitoo fi Irsaasii
4. Kaardii yaadannoo kan guddinni isaa 3 x 6 yookaan 4 x 6

Waantoota Lakkoofsa lama jalatti tarreeffaman qopheeffannaan haal milkaa'usa qabuun qo'annoo kutaa kanaa keessa adeemtu. Tarii yeroon yeroo jalqabaaf Macaafa Qulqulluu qo'achuu itti eegaltanu yoo ta'e garuu , mata duree Macaafa Qulqulluu keessa adeemuu jedhuun eegalu isin barbaachisa. Qo'annoon kun meeshaa qophaa'aa kan ittiin dandeettii keessan cimsattanuu fi barataa macaafa qulqulluu kan ofiti amanamummaa qabu kan isin taasiastu isiniif kenna. Mata duree Macaafa Qulqulluu keessa deemuu(Navigating the bible) jedhamu kun kaasii fi rakkina tokko malee marsariitii tajaajila KiroosKonneeki ([www.crosscm.org](http://www.crosscm.org)) irraa buufachuun ni danda'ama. Qo'annoon kun ajajamus, milkaa'umsa qo'annoo Amanammummaa Waaqayyoo,Abdii keenya jedhuuf baay'ee barbaachisaa miti. Macaaf Qulqulluu keessan irratti halluu addaatiin mallattoo godhachuu hin shakkinaa.. Macaafichi kan qo'annoo macaafa qulqulluu keessaniiti. Yaadannoo irratti babarreeffachuudhaan, jala muruudhaan, halluudhaan

calaqqisiisuudhaan, mallatoo geengootiin itti marsuudhaan, xiyya agarsiistuu itti gochuudhaan kan dhuunfaa keessanii godhadhaa. Qo’annoo keessan keessatti, dabatara yaadannoo yookaan meeshaa sagalee waraabutti gargaaramuun yaada keessan, gaaffii qabdanu, sadarkaa adeemsa qo’annoo keessanii kan erra geessan qabachuu ni dandeessu.

Barreeffamni qo’annoo kun kan qophaa’eef dhuufaadhaan ofii keessaniin barachuu isin dandeessanuu dhaafi. Qo’annoo kana naamusa gaariidhaan qoa’achuun barreeffama kana rakkoo tokko malee yookaan rakkina baay’ee salphaa ta’een xumuruuf isin gargaara. Kanumma irratti qo’annoo kana keessatti odeeffannoo haaraa, argattu; beekumsa haaraa qooddatuu; gaaffii ciccimoo ta’an kan deebii barbaadanu gaafattu. Gaaffii qabdanuuf deebie eegaa, namoota isin waliin qo’atanu affeeru sirriitti cimsitanii akka itti yaaddanu isin jajjabeessina.

Qo’annoon kun gammachuu isiniif hakennu.. Dubbii Waaqayyo karaa sagalee isaa isinitti dubbatu lapheen keessan akka fudhatu Gooftaan hubannaa isiniif hakennu. . Seenaan macaafa qulqulluu kun jaalala Waaqayyoo isa guddaa karaa Ilma isaa Iyyeesuus Kiristos Gooftaakeenyaa fi Fayisaa keenyaa isiniif kenname isiniif hamirkaneessu

*Yaadachiisa gulaalaa: Akka ifaa ta’utti qubee jalqaba jecha Waaqayyoon agarsiisanuu qub-guddeessaan eegalaa. Fakkeenaaf: “... kan Inni jedhe”*

# KUTAA BARNOOTAA ISA TOKKOFFAA ATI INTALA EENYUU TII?

## SEERA UUMAMAA 24-YISIHAAQIIF HADHA MANAA

---

---

### BAAFATA KUTAA BARNOOTA 1

<b>Baafata</b>	5
Seensa	6
Rarnoota lffaa: Seera Uumamaa 24	
• Qajeelfama Abrahaam hojjetaa ofii isaatiif kenne	7
• Waaqayyo inni kan Abrahaam, hojjetaa isaatiifis Waaqa isaa ture	9
• Ribqaan beeksifamuu ishee	10
• Qophii gaa' ilaa	12
• Amanamummaa Waaqayyoo	13

## SEENSA BARNOOTAA 1<sup>FFAA</sup>

Abrahaam nama dulloomaa dha; akka aadaa yeroo sanaa immoo yerichi yeroo abbaan kun ilma isaatiif niitii barbaaduu qabu ta'uu isaa hubachiisa. Barnoota tokkoffaa keessatti aadaa ykn barsiifata, aadaa isin beektanuu wajjin wal fakkaataa yookaan gara-gara ta'e hubadhaa. Eegumsaa fi eeggannaa/kunuunsa Abrahaam ilma isaa isa dhaalaa eebba kakuu sanaa ta'eef godhu ilaalaa.

Dubartiin kun eenyuun taatii laataa? Eessaa ykn biyya kami argamti laata? Dubartii abaan isaa file kana Yisihaaq akkamitti ilaalaa laataa? Seenaan kun Seera Uumamaa 24 keessatti ibsameera.

Seenaan kun baay'ee salphaadha, garuu gaaffileen as keessatti gaafatamanu gaaffilee akka nuyi xiyyeeffannaa dhimmamuu abbaan nama haadha manaa ilma isaa taatu irratti qabu, hojjetaan tokko ammam akka inni fedha gooftaa isaaf of kennu, gahee deegarsaa minseensonni maatii bahuu danda'anuu fi jaalala jajjabina namaaf kennu kan haati manaa namaaf fiddu ilaalchisee deebii kan barbaadanuu dha.. Mee yeroo fudhaatii kennaa guddaa isa haati manaa mucaa ofii isheen Waaqayyo biraa kennamte ilma itti heerumte sana jaal'achuudhaan gammachuu isheen abbaa dhirsa iseeiif fiddu yaadaa. Isheen ilama sana jaallachuudhaan abbayyoo ykn abbaa dhirsa isheetiif jaalala Waaqayyoo Abbaa isa hin jijjiiramne sana fiddi.

Amma yeroo itti jalqabnuu dha. Macaafa Qulqulluu keessan keessa jalqaba Seera Uumamaa boqonnaa 25 banadhaa. Jechoota Lakkoofsa 19 keessa jiranu armaan gaditti barreessaa.

---

---

---

ATI INTALA EENYUUTII?

## **Kutaa Iffaa**

**SEENSA:** Waa'ee ilma Abrahaamii fi Saaraa, waa'ee Yisihaak , Seerri Uumamaa haga tokko waan muraasaa nutti hima. Waa'ee Yisihaaq wanti nuyi barannu seenaa maatii isaa, haadha manaa isaa Ribqaa fi ijoollee isaanii lamaan Yaaqob fi Eesaa'u kan dubbatu keessattu agarsiifameera. Yisihaaq ilma isaa waa'een isaa abdachiifamee fi dhaaltuu kakuu isa Waaqayyo Abrahaamii wajjin galeeti. Qo'annaa macaafa qulqulluu isa Kakuu Waaqayyoo, Eebba keenya jedhu keessatti akka agarsiifame kakuun sun abdiin Waaqayyo utuu haalaota irratti hin hundaa'in Abrahaamiif biyya kennuudhaaf, qabeenyaa fi sanyii kennuudhaaf abdachiisedha, garuu Abrahamii fi Saaraan kan dhala hinqabneefi gala ta'anii kan biyya ormaa jiraatanu turani. Waaqayyo Abrahaam akka inni saba baay'eef abbaa ta'u kakuu isaaf gale. Abrahaamis Waaqayyoon beekuu fi inni waan abadachiise raawwachuuf amanamaa ta'uu isaa amanuu irra abdiin isaa keewwate.

*Kakuu Waaqayyoo, Eebba keenyaa barnootni jedhamu du'uu Abrahaamiin boqonnaa 25 irratti xumurame.* Garuu du'uu isaatiin dura fedhii Abrahaam kan ture ilma isaa Yisihaaqiif haadham manaa arguu dha Seerri Uumamaa boqonnaan 25 seenaa akkaataa filatamuu Ribqaa nutti hima. Boqonnichi waliin haasa'uu Abrahaamii fi hojjetaa isaa isa hojjettoota mana Abrahaama irratti angafa ta'e gidduutti godhameen eegala. Maqaan hojjetaa sanaa nutti hin imamne Hojjetaa yookaan namicha qofa jedhamee ibsame.

Jalqabuun dura yaadachiisa... Yeroo kanaa fi seenaa kan biraa kutaalee barnootaa kana keessatti qo'annu, qabxiillee kanaa gadii itti fufa: 1) haqa seenicha keessa jiru ilaalaa 2) seenaa sana keessatti waa'ee Waaqayyoo fi Waa'ee ofii keenyaa waan barannu irraatti xiyyeeffannaa kennaa 3). Gaaffilee haqaa fi dhugaa seenaa kana keessa jiranu jireenya keessan guyyaa guyyaa keessatti hojii irra oolchitanu argachuuf isin gargaaranu irratti xiyyeeffadhaa

**ABBALTII:** Seera Uumamaa boqonnaa 24 dubbisuudhaan dabtara yadannoo keessanii irratti yaada, jechootaa fi haalota isiniif hingalle illee barreessaa. Waantoota aadaan sun ibsu ta'ee, kan hinbarsiifatamne fakkaatee waan isinitti mul'ate hundumaa galmeessaa.

.SHAAKALA: Mee waan seenaan sun jedhu ilaaluun ha eegallu.

1. Lakkoofsa 1: Abrahaam amma baay'ee dulloomeera, umuriidhaanis baay'ee deemeera. Yeroo Saaraan duute inni nama waggoota 137 ta'uu isaa fi innis wagaa 175 tti akka du'e ni beekna. Lakkoofsich Waaqayyo Abrahaamiin waan hundaan akka eebbise nutti hima. Seera Uumamaa 24:35 fuul-duraa ilaalaatii waantoota eebba jireenya Abrahaam keessaa agarsiisuuf ibsaman hunda tarreessaa. \_\_\_\_\_
2. Lakkoofsa 2-4: Gaaf tokko Abrahaam namoota mana isaa keesaa hojjetanu keessaa isa jaarsa waame. Itti gaafatamummaan ykn hojiin manaa hojjetaa kanatti kenname maalii? \_\_\_\_\_
3. Haal-dureen kakaa inni Abrahaam hojjetaa isaa sana baachise maal turee? \_\_\_\_\_

BARSIISA: Gaaffii kana gaafachuu qabna: Ilmi isaa dubartoota warra kanaan keessaa akka niitii hinfuune taasisuun isaa Abrahaamiif maaliif baay'ee barbaachisaa turee? Warri kanaan eenyuun turanii? Waa'ee isaanii maal beeknaa? Waa'ee isaanii erra deebitanii baruudhaaf, Seera Uumamaa 10:15-19 ilaalaa. Waa'ee saba kanaa maal barannaa?

Sabni kana'aan waaqaolii tolfamaa mukootaa fi dhagaa irraa hojjetaman kan waaqessaanu turan. Barumsa Waaqayyoo dhuga isa tokkichaa, Waaqa Abrahaamiin duukaa hinbuune. Sabni kun qomoo sanyiin Abrahaam guyyaa tokko sababa isaan qabeenya lafa isaanii fi dhaala isaanii fudhataniif balleessuu dnada'anuu dha.

Waa'ee saba Kana'aan ilaalchisee Seera Uumamaa 10:20 irratti wantoota biraa kana barannu qabna. Namoonni kun sanyii ilma Nooh isa \_\_\_\_\_ Sanyiin Kaam abbaa isaatiif kabajaa dhabuu nama qaanessu agarsiisuu isaa irraa kana ka'e abaameera (Seera Uumamaa 9:25-27).

\_\_\_\_\_ Seera uumamaa 24:4 keessatti  
hojjetaan sun akka eessa deemu  
abboomamee? \_\_\_\_\_

. Waan baay'ee barbaachisaa ta'e kan biraa tokko asitti yaadachuu qabna. Waaqayyo Abrahaamiif kakuu abdi isaa gale. Qacceen ykn hiddi dhalootaa sanyii seem irraan karaa Abrahaam gara Yisahaq itti darba. Kakuun bara baraa Abrahaamii fi sanyii isaatiif galame (Seera



Uumamaa 17) Kuni murtoo amantii isa Abrahaam godhee dha. Saba Abaaramaa fi kan hidda dhalootaatiin isaa wajjin hidhata hinqabnee wajjin akka ilmi isaa gaa'ila hin uumne, Abrahaam akka garbichi isaa biyya isaa isa durii biyya kaaraan deemee Yisihaqiif haadhamanaa akka barbaadu isa abboome. Sirni gaa'ilaa ilmaa yookaan intalaa kan karaa maatii raawwatame adaa fi barsiifata fudhatamummaa qabu ture.

## **Kutaa 2<sup>ffaa</sup>**

SEENSA: Amma egaa itti gaafatamummaa guddaa fi ulfaataa hojjetoota mana Abrahaam keessaa, hojjetaa isa jarsatti kenname hubachuu jalqabna. Kakaana sana utuu hin fudhatin dura jalqaba dhimmi maryatamuu qabu tokko jira.

### SHAAKALA

1. Lakkoofsa 5: Gaaffileen hojjetichaa maal fa'aa dhaa? \_\_\_\_\_

2. Deebiin Abrahaam maalii(Lakk.6) \_\_\_\_\_

3. Sababni Abrahaam maal turee(Lakk.7)? Seera Uumamaa 12:1-3 keessa deebi'aa dubbisaa. \_\_\_\_\_

BARSIISA: Waaqayyo Abrahaamiin biyya Kaaraan keessaa baasee gara biyya kana'aanitti isa fide. Yeroo Kaaraan keessaa isa waametti, Waaqayyo Abrahaamiif biyya, sanyii(dhala), fi qabeenya isaaf kennuuf kakuu gale. Waaqayyo dhuma irraatii kakuu isaaf gale raawwatee Abrahaamiif qabeenya(biyya/lafa), dhala(mucaa/ilma), badaadhummaa(qabeenyaa) issaf kenne. Wantoonni Waaqayyo Abrahaamiif kennuuf kakuu gale hundi yeroo tokko tokko afaan Ingiliziitiin P sadan kakuu sanaa ( the 3P's of the covenant) jehamanii wamamu.

Abrahaam amma egaa Waaqayyo inni isa (Abrahaamiin) biyya kaaraanii baasee akka isaa wajjin ta'u , akka isaa waliin demu hojjetaa isaatti hime. Garuu Abrahaam biyya Kaaraan keessaa waan waamameef, akka qaama kakuu Waaqayyoo isaaf gale sanaatti ilmi isaa biyya inni keessaa

bahetti deebi'uu hinqabu. Biyya isa moofaa dhiisee gara biyya iisa haaraa akka adeemuuf waamameera. Abrahaamii fi sanyii isaatiif Waaqayyo abdi haaraa isa kakuu barabaraa keessatti chaapeffame kenneera(Seera Uumamaa 17).Abrahaam Jalqabbii haaraa; seera uumamaa haaraa eegaluuf waamame.

ISA BARATAN IRRATTI YAADA CALAQQISIISUU: Seenicha keessaa yeroo kanatti wantoonni baay'een gara sammuu keenyaa dhufuu dnada'u. Tokkoon tokkoo isaa ibsuu hindeemnu, garuu yaada sammuu keessaniitti gargaaramaati kanneen armaan gadii ilaalaa.

1. Tarii Abrahaam ilma isaa sirriitti akka mootiin tokko mucaa isaa kunuunssutti kunuunseera jettanii yaadduu? Abrahaam jireenya ofii isaa keessatti nama gochaa Waaqayyoo beekuu dha. Waaqayyo waan isaaf kakate karaa Yisihaq raawwateef. Wantoota dhaloota isaa irraa kaasee hanga inni aarsaa godhamuuf gara gaara Mooriyaa deemeetti kakuu isaaf gala hundumaa raawwateef. Daa'imummaa isaa irraa kaasee harki eegumsa Waaqayyoo fi eebbi isaa Yisihaqii wajjin akka ta'e Abrahaam beekeera. Egaa ammas yeroo dullumaa isaa keessa, Waaqayyo Gooftaa isauma sanatu akka mucaa isaa Yisihaaqiif haadha manaa kennu,Abrahaam beekeera. Waaqayyo isuma kakuu gale sanatu,“Ergamaa isaa(Seera Uumamaa 24:7

“

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_”

Intalli sun hojjetaa Abrahaam duukaa buutee dhufuu hin barbaaddu yoota'e immoo(Lakkoofsa

8)\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

2. Xiyyeeffannaa kan biraa... Akka miseensa maatii Abraamitti, hojjetaan sun kan dhagna isaa qabatee dha. Nama Seeraa Uumamaa 17 keessatti kakuu bara baraa isa Waaqayyoon hundeeffamae keessa galee dha. Sababii firooma inni Abrahaamii wajjin qabuutiif, ayyaanni

Waaqayyoo kan isaa fi kan Gooftaa isaa ta'eera. Michoomaa fi eegumsa Waaqayyo Gooftaa isa gooftaan isaa Abrahaam shaakale , hojjetaan kunis shaakaleera. Abrahaam wanti kun ta'uu isaa waan mirkaneesseef, hojjetaan isaa kun kana beeka. Yisihaqi qaama kakuu Waaqayyo Abrahaamiif galee ta'uu isaa hojjetaan Abrahaam sun beekeera. Waaqayyo waan Abrahaamii wajjin tureef, waa'ee Abrahaamiif jecha, Waaqayyo hojjetaa Abrahaam kanaaf Amanamaa in ta'a. Egaa kana irraa kan ka'e, dubbii kana irratti, hojjetaan kun Abrahaamiif in kakate(Lakkoofsa 9). Armaan gaditti yaada keessan barreessaa\_\_\_\_\_

---

---

### **Kutaa 3<sup>ffaa</sup>**

SEENSA:Hojjetaan Abrahaam gaala muraasaa fi mi'a biraa kan qabeenya gooftaa isaa Abrahaam mul'isanu fudhatee ka'ee gara Aaram, biyya nannoo galaanota Tigiriis fi Yufiraaxis, gara biyya Kaaraan,mandaraa Naahoor keessa jiraatee in adeeme. Aaram Kaaba-Lixaa biyya Misoppotaamiyaa duraanii, har'a ammo kan Siiriyaa jedhamtee beekamtuu dha.

#### **SHAAKALA:**

1. Abrahaam hojjetaa isaa waliin gaalota kudhanii fi mi'a gaggaarii hundumaa erge. Hojjetichis gara Aaram dhufee mandarichatti utuu hin seenin bagaalichaan ala gaalota isaa bishaan boollaa kan magaalatti bira in dhaabachiise (Lakkoofsa 11). Yeroon isaas galgala\_\_\_\_\_

---

---

2. Kadhannaa hojjetaan sun kadhate jechoota mataa keessaniitiin barreessaa\_\_\_\_\_

---

---

---

---

---

(Lakkoofsa 12-14)

3. Hojjetaan kun Waaqayyo Gooftaan gaarummaa isaa Abrahaamitti agarsiisuudhaan milkaa'umsa akka isaaf kennu Waaqayyoon kadhate.  
Mal'attoon hojjetaan Abrahaam intala ishee Waaqayyoo Yisihaaqiif foo'e adda baasee beekuuf keewwate maalii? \_\_\_\_\_
4. Utuu inni kadhannaa isaa hin xumurin maaltu ta'ee (Lakkoofsa 15)? \_\_\_\_\_
5. Lakkofsi 15 waa'ee Ribqaa maal nutti himaa? Firoomni ishee fi Abrahaamiin gidduu ture maalii? Abbaan ishee eenyuu dhaa?  
\_\_\_\_\_  
Seera Uumama 11:27-29 fi Seera Uumamaa 22:33 ilaalaa.
6. Lakkoofsa 16 keessatti akkamiin ibsamtee?  
\_\_\_\_\_
7. Ishee bakka boolla bishaanii sanatti gomboo ishee guuttatte. Hojjetaan sunis ariitiidhaan gara isheetti adeemee \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_ Lakkoofsi itti aanu, itti fuftee waan isheen goote hima. Wanti hundumtuu akkuma hojjetaan sun \_\_\_\_\_ Isheenis  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_. Erga isa dheebuu baaftee booda immoo \_\_\_\_\_  
amma issaan dhuganii \_\_\_\_\_

**YAADA OFII CALAQQISIISUU (IBSUU):**

1. Yeroo waa'ee isaa yaaddanuu, wanti hojjetaan sun eege baay'ee guddaa dha. Gaalotaa kudhan! Hanga isaan dhuganii quufanutti bishaan obaasuu! Gomboo bishaan guutuu baatee yeroo meeqa boolla bishaanichaatti gadi buutee, boolla bishaanichaa keessaa ol baatee obaastee dheebuu baasuudhaaf?

2. Lakkoofsi 21 hojjetaan sun Waaqayyoo \_\_\_\_\_ calluma jedhee\_\_\_\_\_
3. Lakkofsa itti aanu keessatti namichi sun amartii warqee isa gurratti kaa'atamuu fi bitawoo warqee lama akka isheen harkatti kaa'atu gad fuudhee isheef in kenneef. Sana booda Ribqaan eenyu akka isheen taatee gaafatee, mana abbaa ishee iddon bultii argamuu isaa ishee gaafate. Lakkoofsa 25 keessatti hojjetaa sanaaf Ribqaan maal akka kennuufii danda'anu itti himtee? \_\_\_\_\_
4. Deebiin hojjetaan Abrahaam sun battala sanatti deebisee maal turee? \_\_\_\_\_
5. Lakkoofsa 27 keessatti hojjetaan sun sababni inni Waaqayoon Waaqaffatee galata isaaf galcheef maalii?
  - a. \_\_\_\_\_
  - b. \_\_\_\_\_

#### **Kutaa 4<sup>ffaa</sup>**

**BARSIIISA:** Lakkoofsa 7 fi 27 keessatti Waaqayyoo kakuu isaatiif amanamaa ta'uu isaa yaadanna. Inni sagalee abdiisaa itti in eega. Sagaleen isaa dhugaa dha. Barnoota Kakuu Waaqayyoo, Eebba keenya jedhu keessatti jireenya Abrahaamii fi amma isa kakuu isaaf gale raawwatuufitti obsaan danda'ee eeggachuu isaa argina. Want nuyi of eeggannoodhaan hubachuu qabnu tokko, amanamummaan Waaqayyoo sagalee abdiisaa yookaan kakuu isaatiif qabu yeroo mataa keenyaa irratti kan hundaa'e akka hin taaneedha, Haalli yookaan amalli namummaa keenyaa fi obsa dhabuun keenya yaada keenyaa fi waan nuyi Waaqayyoo irraa eegnu nuduraa faaluu ykn balleessuu danda'a. Yeroo baay'ee amanamummaan maal akka ta'e akka Waaqayyoo nubarsiisu eeyyamuufii irra ofii keenyaaf murteeffachuu barbaanna. Ammumaa nuyi Waaqayyoon beekuu barachuu fi michooma isa waliin qabnu gudifachuuf fedha qabaannetti, inni immoo hubannaa fi ogummaa nuyi amanamummaa hubachuuf barbaannu nuukennee amanamaa ta'uu isaa akka nuti amanannu nudandeessisa.

Of eegganoo nuti hubachuu qabnu kan biraa ammo kakuun keenya kakuu Waaqayyoo akka hintaanee fi kakuu isa kan mataa keenya akka inni nuuf raawwatu isa iraa barbaaduu akka hin dandeenyee dha. Kakuun(sagaleen) inni kan keenyaa kan mataa keenyaati malee, kan Waaqayyoo miti. Kakuun inni kan Waaqayyoo garuu waan huda irra kan caaluu fi kan moo'uu dha. Amanamaa ta'uu isaaf kakuu galee,akkasuma amanamaa ta'ee argama. Ani amanamaa ta'uuf kakuu galuu nan danda'a, garuu uumamni koo namummaa inni cubbamaan sun amanamaa ta'uu diduu filachuu danda'a. Ani mucaa tokkoof waadaan gale yookaan waanan jedhe raawwachuuf kakuu galuu nan dandan'a ta'a ,garuu haalonni immoo isan kakuu gale akkan fiixaan hinbaasne kan nagodhanu filannoo biraa naaf dhiyeessuu dnada'au. Yeroo baay'ee amala namummaa keenyaa irraa kanka'e, Waaqayyoon akkuma nama kanbiraa tokkootti ilaaluun,inni yookaan nuyi waan kakuu galleef amanamaa ta'uu dhiisuu kan filachuu dandeenyu ta'uu akka waan dandeenyuutti yaadna. Dhugaan amanamummaa keessa jiru garuu jecha ofii Waaqayyoof, akkasumas walii walii keenyaaf kennuun, waan jedhan sana eeguu ykn raawachuu nama gaafata. Amalli Waaqayyoo kun qaama amala keenya kan ta'uu danda'u yeroo Waaqayyo nu tottolchee, gara isa fakkaachuutti nu deebisuu dha. Isa fakkaachuun keenya karoora Waaqayyoo nuuf qabu isa jalqabaa isa Seera Uumamaa 1:27 keessa jiru ta'uu isaa sammuu keessanitti qabadhaa.

#### SHAAKALA:

1. Lakkofsa 28-33: Ribqaan wantoota ta'an hundumaa namoota mana haadha ishee jiraatanitti himuuf gara manaatti fiigde. Laabaan, obboleessi Ribqaa, namicha isa bakkee boolla bishaanii bira jiru sana arguuf fiigichaan dhaqe. Innis Ribqaan amartii warqee gurratti kaa'achuu isheefi bitawoo warqee harkatti kaa'achuu ishee arge. Laabaan,yeroo obboleettiin isaa waantoota ta'an itti himtu in dhaggeeffate. Sana booda inni dhaqee hojjeticha, namoota biraa kan isaa wajjin turan,gaalota isaanii dabalee, halkan sana akka isaan mana isaanii(mana maatii Laabaan) bulan affeere Nyaata isaan isaaf dhiy'eessan utuu hin nyaatin dura dhimma dubbachuu barbaade abbaa Ribqaa –Batu'eel fi Laabaaniif ibsuu akka barbaadu cimsee hubachiise.
2. Lakkoofsa 34-49 keessatti: Hojjetichi jalqaba yeroo Abrahaam ergaa isatti himee(qajeelfama kenneefii) irraa eegalee hanga yeroo inni itti Ribqaadhaaf amartii gurraa fi bitawoo harkaa kenneetti waan ta'e hunda tokko tokkoon hime. Dhugaa inni ibse keessaa wanti baay'ee murteessaa (dhimma ijoo) ta'e isa kami jettanii yaadduu?

- 
- 
3. Deebiin hojjetaan sun gaaffii lakkoofsa 23 fi 47 keessatti “Ati intala eenyuuti?” jedhee Ribqaa gaafatef argate baay’ee barbaachisaa ture. Seera Uumamaa 24:4 keessati, Abrahaam hojjetaa isaa maal cimsee hubachisee? \_\_\_\_\_
- 
4. Waan hundumaa irra caalaa, Gooftaan al tokko erra deebi’ee kenneera. Seera Uumamaa 22:13 keessatti Gooftaan korbeessa hoolaa kenne;amma ammo Yisihaaqiif haadha manaa. Ammas erra deebi’ee arjummaa fi amanamummaa isaa Abrahaamitti agarsiise. Laabaanii fi Baatu’eelis harki Waaqayyoo adeemsa dhimma sanaa akka geggeessaa jiru hubatan. Lakkoofsa 50-51 keessatti deebiin isaan kennan maal turee? \_\_\_\_\_
- 
5. Kennaan Ribqaa fi maatii isheetiif kenname maatii lamaan gidduutti waliigaltee hundeesse. Kennaan hojjetichi Ribqaadhaaf kenne maal faa turanii? \_\_\_\_\_ Obboleessa isheetii fi haadha isheetiif maal kennee(Lakkoofsa 53)?
- 
6. Lakkoofsa 54-61 keessatti Laabaanii fi haati isaa akka Ribqaan haadha manaa Yisihaaq taatuuf hojjetich duukaa erguuf qophaa’ani. Hojjetichi ganamaan barii ka’ee kara mana gooftaa isaatti deebi’ee deemuuf qophaa’e. Milkaa’umsa Waaqayyoo Gooftaan isaaf kenneen socho’uuf qophaa’e. Lakkoofsa 55 keessatti maatiin sun maal isa gaafatanii? \_\_\_\_\_
7. Hojjetichi garuu in kakate. Maatiin ishee fedha Ribqaa erga gaafatanii booda guddisee ishee fi xomboreewwan ishee wajjin ishee geggeessan. Eebba maatiin ishee lakkoofsa 60 keessatti ishee eebbisan armaan gaditti barreessaa. \_\_\_\_\_
- 
- 
-

8. Lakkoofsi 62-67 yeroo Yisihaaq Ribqaa arge waan ta'een walqabata.

a. Yisihaaq eessa turee? Maal hojjechaa turee?

\_\_\_\_\_

b. Ribqaan Isihaaqiin argitee

hojjeticha \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_ gaafatte.

c. Hojjetichi Yisihaaq gooftaa isaa akka ta'e isheetti hime; sana booda Ribqaan maal gootee?

\_\_\_\_\_

d. Yisihaaq gabaasa hojjetichaa dhagahe. Yisihaaq maal

godhee? \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

Tarii Yisihaaqii fi Ribqaan Cidha gaa' ilaa bashannana qabu hinqopheeffane turan.

Tokkummaan quunnamtii saalatiin dhiirichaa fi dubartittii gidduutti raawwatamu

fiixaan bahiinsa ykn xumura gaa' ilaa akka ta'e ni beekna.

e. Ribqaan hadha manaa isaa taate, akka Yisihaaq ishee jaallates nuyi beekna. Wanti Yisihaaq barbaadaa ture, kan Ribqaan fideefii dhufte maal turee?

\_\_\_\_\_ Jajjabinni haati mana abbaa

manaa isheettiif fiddu dheebuu jaalalaa abbaan manaa qabu quubsa.

### **Kutaa 5<sup>ffaa</sup>**

**WAA'EE WAAQAYYOO MAAL BARANNAA (HUBANNAA)?** Seera Uumamaa 24 erra deebi'aa dubbisaa Yeroo dubbistanu halluu addaatti gargaaramaati jechoota amala Waaqayyoo ibsanutti mal'attoo godhaa. Isa booda lakkoofsa jechootnii fi gaalewwan amala Waaqayyoo agarsiisanu keessatti argamanu adda baasaatii tarreessaa.

### **LAKKOOFSA**

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

### **JECHOOTAA FI GAALLEWWAN**

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

Jechooni jaalala jabaa fi amanamummaa jedhanu lakkoofsa 27 keessatti eerameera, akkasumas erra deebi'ee lakkoofsa 49 keessatti ibsameera. Hojjetichi jaalalaa fi amanamummaa Waaqayyoo



Abrahaamiif qabu hubatee, amma ammo amaloota Waaqayyoo kana ofuma isaatii iyyuu shaakalaa jira.

**GAAFFILEE HOJII IRRA OOLCHUU:**

1. Amanamummaan jecha dubbatame hojii irra oolchuuf of kennuu keessatti ar gama. Amanamummaa (sirrii ta'uun), amantaa guddisa. Kakuun gaa' ilaa namichaa fi dubartittii irraa waliif amanamuu gaafata. Waliif amanamuu keessatti ammoo, waa'ee walii walii isaaniitiif yaaduu, of kennuutu ykn kakuu/waadaatu uumama. Kakuun sun cabnaan wal amanuun in diigama. Amanamummaan akkas jedha; namni waan dubbatu, hojii irra oolcha. Amanamummaa wajjin muuxannoon keessan maal fakkaataa?

a. Namooni amanamummaa isin barsiisan eenyuu?

---

---

b. **Namoonni isin ganan ykn amanamummaa isiniif dhaban eenyuu?**

Muuxannoon keessan akkam maal turee? \_\_\_\_\_

---

2. Amanamummaa Waaqayyoo wajjin falmii gootuu/in loltuu? Waa'ee amanamummaa Waaqayyoo maal barsiifamaa turtanii? Waa'ee amanamummaa Waaqayyoo shaakalli/muuxannoon keessan maalii? \_\_\_\_\_

---

3. Kakuun isin galtanii, akka isin amanumummaa keessaniin fakkeenya taatanu isin dandeessisee maalii? Mee yeroo itti namoonni kan biraa amanamummaa keessan arganii, kakuu galtan fiixaan baasuu keessaniin amantaan namooni isin irratti qabanu gudatte yaadaa.

---

**GADI FAGEENYAAN HUBACHUU (GADI QOTUU):** Amanamummaan Waaqayyoo, Waaqayyoo mataa isaatiin alatti waan tokko irratti hin hundaa'u. Ergaa Phaawulos gara Ximooteewositi erge isa lammaffaa boqonnaa 2:13 keessatti, akka nuu mirkaneeffame, yoo nuyi \_\_\_\_\_

---

\_\_\_\_\_ ta'etti in hafa. Waaqayyoo

Waaqayyoo dha! Aamanamummaan amala Waaqayyooti. Amalli isaa bu'uura eenyummaa isaa nutti hima. Inni amanamaa dha. Namni tokko tokko amanamummaan qaama DNA Waaqayyooti jedha ta'a. Fakkeenyi amala Waaqayyoo inni kan biraa yeroo Macaafni Qulqulluun Waaqayyoo jaalala jedhee nutti himuu dha. Jaalallis amala Waaqayyoo keessaa isa tokkoo dha. Jaalalli salphaadhumatti Waaqayyoo eenyu akka ta'ee dha. Macaafni Qulqulluun amala Waaqayyoo isa kn biraas nutti hima. Innis Waaqayyoo qajeelaadha.. Kutaan macaafa qulqulluu kanaaf wabii ta'u Ergaa Yohaannis isa duraa 1:8-10 ti. Amaloonni Waaqayyoo lamaan lakkoofsota kana keessatti ibsaman maal fa'aa dhaa? \_\_\_\_\_

fi \_\_\_\_\_ Inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef cubbuu keenyattii nuqulleessa. Lakkoofsonni kun yoo qalbii diddiirranne,cubbuu keenya yoo isatti himanne , inni cubbuu keenya nuuf dhiisa..Inni kana gochuudhaaf amanamaa dha. Garuu waa'ee cubbamaa ta'uu keenyaa yoo ofii keenyaa fi Waaqayyoon sobne , sagaleen kakuu/abdi Waaqayyoo nu keessatti yookaan jireenya keenya keessatti iddoo hin qabu, inni qakeela ykn tolaa waan ta'eef .

**KADHANNAA:** Yaa Waaqayyoo Gooftaa ati Abrahaamii arjaa fi amanamaa turtee. Akkuma Abrahaamiif kakuu isa galteef sana raawwateeffitti, anaafis akkasuma arjaa fi amanamaa naaf turteef singalateeffadha. Garuu ani jaalala isa hin jijjiiramnee fi amanamummaa sanaan nanlola. Yeroo tokko tokko amanamummaa hinqabu ani Jechi koo yookaan kakuun gale eeguu dadhabe cabsuun koo namoonni biraa akka nan himaanne taasiseera. Jaalala dhabuu koo naaf dhiisii, bifa/fakkii kee isa ittiin na uumte na keessatti deebisi. Amanamummaan kee, amanamummaa koo irratti akka hin hundoofne ani beekawoo.Ana jaallachuu keetii fi cubbuu koo naaf dhiisuu keetiif maqaa Iyyesuusiin galannii siif hata'u. Jaalallikee,arjummaan kee fi amanamummaan kee bara baraan kan jiraatu ta'uu isaa waan naaf mirkaneessiteef sin galateeffadha.

---

---

---

---

---

BARNOOTA LAMMAFFAA

# ANGAFUMMAA (MIRGA DHALOOTAA) FI EEBBA

*SEERA UUMAMAA 25,27-TUFFATAMAA FI GOWWOMSAMAA*

---

---

## TARTIIBA BARNOOT 2<sup>FFAA</sup>

Tartiiba	15
Seensa	16
Barnoota 2ffaa: Seera Uumamaa 25,27	
• Dhalachuu Yaaqoobii fi Eesaa’u	17
• Yaaqoob angafummaa Eesaa’u fudhachuu isaa	18
• Waaqayyo nuu wajjin kakuu gala	19
• Abbaan gowwomsamuu	22
• Yisihaaq Yaqoobiin eebbisuu	23

*ANGAFUMMAA FI EEBBA*

---

---

## SEENSA

Seerri Uumamaa 25 fi 27, faayidaa fi kakuu akka aadaa bara sanaatti ilma angafaatiif kenname, mirga dhalootaa fi eebba duraa duubaan nutti himu. Jarri kun ilma isa angafaaf, Eesaa'uuf, ta'u yoo ta'e, barnoota lammaffaa keessatti akkamiin Yaaqoobiin, ilma isa lammafaadhaan akka fudhataman barbaadaa argadhaa.

Yaaqoob kennaa kana lamaan fudhachuun isaa maatii Yisihaaqaan keessatti jequmsa firoota gidduu uume. Jeequmsa yookaan waldehabuu maatii kana keessatti uumameef sababa kan ta'e maal akka ta'e barbaadaatii addaan baafadhaa. Sababni kun akkamiin akka inni maatii Yisihaaq, maatii abbaa dhaloota hundumaa, kan dhaaltuu kakuu Waaqayyoo sanaa ta'e, wareere (jeeqe) hubadhaa. Walitti dhufeenyii fi tokkumaan maatii kana akka inni itti miidhame hubadhaa.

Garuu kun akkamiin ta'aa? Waaqayyoo akkamiin kakuu isaa isa abdachiise maatii kanaaf eeguu danda'aa utuu gama maatii kanaatiin wantu hundumtuu karaa dogoggoraa irra jiruu? Waaqayyoo, maaliif akka inni kakuu isaa Yisihaaqiif eege, kutaa kana keessaa barbaadaa argadhaa. Waa'ee Waaqayyoo fi waa'ee sagalee abdi/kakuu isaa as keessatti maal hubattuu?

Gochi isaanii, garuu adabbii fide qaba, maatiin Yisihaaqis kana jalaa bilisa hin turre. Adabbiin kun maalfaa turanii? Bu'aan ija cubbuu miidhaan cimaan inni obboloota kanatti fide maal turee? Iddoon baqaa amansiisaan Yaaqoobiif eessa akka ture barbaadaa argadhaa. Waa'ee xumura ykn dhuma Eesaa'u barnoota kana kessaa hubadhaa.

Barnoota kana yeroo itti fiftanu, Ilmi Waaqayyoo inni tokkichi, angafni Waaqayyoo Abbaa, mirga dhalootaa (angafummaa) haammatee qabachuun isaa isiniif anaaf hiika maalii akka kennu xiinxalaa. Inni fedha Waaqayyoo Abbaatiif amanamaa ta'uu isaa irraa kan ka'e dhaalli inni argate maal akka ta'e hubadhaa.

## **Kutaa Iffaa**

**SEENSA:** Yeroo Abrahaam du'e, ijoolleen isaa Yisihaaqii fi Ishmaa'el, iddoo awwaalaa inni bitattetti Saaraa biratti awwaalani. Yisihaaqii fi haati manaa isaa Ribqaan biyya Biher Lahi Roo'I jedhamtu jiraatan. Seenaan Yisihaaq Seera Uumamaa 25 keessatti itti fufee jira. Kakuun Abrahaamiif galame sanyiin isaa akka urjii Waaqa irraa fi akka cirracha laga keessaa akka baay'atu dha. Amma egaa Abrahaam ilma isaa tokicha Yisihaaqiin, isa kakuu sana akka dhaaluf sagaleen abdii sun itti darbe, dhiisee du'eera.

**ABBALTII:** Seera Uumamaa 25:19-34 dubbisaa

**SHAAKALA:** Kutaan kun itti fufee waa'ee seenaa Yisihaaq nutti hima. Lakkoofsa 19 fi 20 keessatti dugda-duubee seenichaa ilaaluun waan barbaachisu fakkaata. Kanaafuu, egaa mee keessa haa deebinu.

1. Abbaan Yisihaaq eenyu turee(Lakkoofsa 19)? \_\_\_\_\_
2. Yisihaaq yeroo niitii fuudhe umuriidhaan nama waggaa meeqaa turee(Lakkoofsa 20)?  
\_\_\_\_\_
3. Yisihaaq eenyuun fuudhee? \_\_\_\_\_
  - a. Abbaan ishee eenyuu? \_\_\_\_\_
  - b. Obboleessi ishee eenyuu? \_\_\_\_\_
4. Yisihaaq waa'ee Ribqaatiif Waaqayyoo ishee gidduu gale (Lakkoofsa 21)  
Kadhannaan isaa waa'ee maalii turee? \_\_\_\_\_
5. Dhimmi kun maaliif waan baay'ee barbaachisaa ta'ee? \_\_\_\_\_
6. Yisihaaq mana karaa isaa kakuun Waaqayyoo raawatamu yoo ta'e, wanti akka ta'u barbaadamu maalii?  
\_\_\_\_\_
7. Akka Waaqayyoo kadhannaa Yisihaaq deebise hubanna. Maaltu ta'ee (Lakkoofsa 21.23)?  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
8. Lakkoofsi kun waa'ee ulfaa'uu Ribqaa maal nutti himaa(Lakkoofsa 22)?  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

BARSIIISA: Ribqaan ijoollee lakkuu garaadhaa qabdi. Ulfi ishees rakkisaa fakkaata. Ijoollonii lakkuun kun garaa isee keessaa akka “wal dhidhiibanu” nutti himameera. Dubartiin waa’ee yeroo ulfummaa muuxannoo qabdu tokko, waa’ee rakkinnaa Ribqaan yeroo ulfummaa keessa turtee dubbachuu dandeessi. Hata’u malee dhiphinni yeroo ulfummaa Ribqaan keessa turte sun shakkii malee lakkuu garaatti baachuu ishee irraa kan ka’ee fi akkasumas ijoolleen sunlamaan garaa ishee keessaatti dhalachuu isaaniitiin duraa eegalee wal dhidhiibaa akka turan nutti himameera. Dhiphinni isheen keessa turte sun, akka isheen “Erga akkas ta’ee kun maal anaaf godharee (Lakkoofs 22)?” jettee Waaqayyoon gaafattu ishee taasiseera.

SHAAKALA:

1. Jechoota keessaniin barreesaa, Waaqayyo Gooftaan maal isheetti himee?

---

---

Jireenyi Ribqaa adda ture. Ijoollee lakkuu ulfooftee turte. Waaqayyo Gooftaan lakkuun gadameessa ishee keessaa saba lama akka ta’anuu fi gosoonni lamaan ishee irraa dhalatanu akka gargar hiranu iheetti hime. Gosni inni tokko isa kaan irra akka jabaatus itti hime. Dhuma irratti ilmi inni angafaa akka ilam isa quxisuudhaaf ergamu Waaqayyo Ribqaatti hime. Inni kun immoo barsiifata aadaa yeroo sana biyya sana keessa tureen kan mormuu dha. Yeroon isheen itti deessu yeroo gahe, ijoollee dhiiraa lakkuu deesse. Lakkoofsa 25 keessatti mucaan inni jalqabaa akkamiin ibsamee?

---

Eeny jedhanii isa moggaasanii? \_\_\_\_\_

2. Obboleessa isaa ibsaa (Lakkoofsa 26)

---

\_\_\_\_\_

3. Mucaa lakkuu isa lammafaa maqaa isaa eenyu jedhanii moggaasanii?

---

Yisihaaq Ribqaa fuudhee waggaa digdama booddee Esaawuu fi Yaaqob dhalatan. Amma Yisihaaq nama waggaa 60 ti.

4. Lakkofsi 27 fi 28 waa’ee ijoollee kanaa, waa’ee yeroo isaan guddachaa turanii odeeffannoo dabalataa bal’aa kenna. Waa’ee Esaawuu dabalataan wanti nuyi barannu maalii? \_\_\_\_\_

5. Waa'ee Yaaqoob maal barannaa?

---

Ijoolleen dhiiraa kun lamaan garagarummaa ifaa ta'e qabu. Inni tokko nama akka itti adamsu beeku, nama bakkee kan abbaa isaatiin jaal'atamu ta'e; inni kan biraa ammoo nama amal-toleessa qe'ee keessa oolu, kan haati isaa jaal'atu ta'e.

**Kutaa 2<sup>ffaa</sup>**

**ABBALTII:** Seera Uumamaa 25:19-34 erra deebi'aa dubbisaa. As keessatti waa'ee amala ijoollee dhiiraa kana lamaanii waan baay'ee baranna.

**SHAAKALA:** Yaaqoob isa nyaata qopheessuu haadha isaa gargaaru akka ta'e ifaa dha. Esaawuun ammo nama akka itti adamsu beeku, nama bakkee oolu ture.

1. Yeroo gara manaatti gale, haalli Esaawuu maal turee(Lakkofsa 29)?

---

2. Esaawuun maal barbaadee (Lakkoofsa 30)?

3. Yaaqoob utuu yaada isaatti waliigaluu isaa hin mirkaneeffatin, waan Esaawu barbaade isaaf kennuuf fedha hin godhanne ture. Yaadni wixinee Yaaqoob Esaawuuf dhi'eesse maal turee?

---

---

**BARSIISA:** Lakkoofsi 31 waa'ee mirga dhalootaa (angafummaa) dubbata. Haadha manaa irraa dhalatus, dubartii haadha manaa hintaane irraa dhalatus, maatii tokko keessatti mirgi dhalootaa kan ilama angafaati. Ilmi mirga dhalootaa (angafummaa qabu, xumura irratti itti gaafatamaa maatii ta'a ture.) Hiddi sanyii dhalootaa kan maatii tokkoo karaa ilma isa mirga dhalootaa (angafummaa) qabuu itti fufaa ture. Ilmi angafni kan mirga dhalootaa qabu, lafa abbaa isaatii illee dhachaa lama dhaalaa ture.

Wanti Yaaqoob gaafachaa ture waan salphaa hin turre. Yaaqoob waan Esaawu akka ilma angafaatti qabu ture barbaade. Jecha Waaqayyoo Gooftaan Ribqaadhaan ilmi inni angafaa isa quxisuudhaaf ajajama (tajaajila) jedhee dubbate yaadadhaa. Yaaqoob hojii haxxumaa hammeenya qabu hojjete. Esaawu akka dadhabee, beela'ee jiru Yaaqoob beeka ture. Yeroo sanatti wnati

tokkichi qofti Esaawuu yaaduu danda’u ture buddeen (nyaata) qofaa dha. Egaa Esaawu yoo du’e angafummaan isaa maal isaaf godha turee?

SHAAKALA: Lakkoofsa 33 itti fufaa....

1. Yaaqoob, utuu nyaaticha hin yaatin akka inni kakatuuf Esaawuun cimsee gafate. Egaa Esaawu maal godhee? \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

Hojiin kakachuu sun Esaawuuf hojii angafummaa isaa fi mirga dhaalaa isa kan angafummaa isaa Yaaqoobitti gurguruuti. Erga Esaawu isaaf kakatee booda, Yaaqoob nyaata isaa kenneef(Lakkoofsa 34). Esaawu angafummaa isaa maalitti gurguratee?

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_ Maal Esaawu hojii gowwummaa akkamii hojjetee! Waan Yaaqoob barbaadee iddoo guddaa kennef,Esaawuu ammo buddeen xiqqoo fi ittoo misiraatiin dabarsee kenne.

2. Lakkoofsi kun Esaawu nyaatee, dhugee ka’ees karaa isaa irra in bu’e , jedhee xumura “ Kanaaf \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_”

### **Kutaa 3<sup>ffaa</sup>**

WAA’EE WAAQAYYOO WAAN NUYI BARANNU: Seenaan waa’ee mirga dhalootaa ykn angafummaa kun baay’ee gabaabaa fi kan lakkoofsa 15 qofa of keessaa qabuu dha. Hata’u malee waa’ee Yisihaaqii fi waa’ee maatii isaa waan baay’ee erraa baranne. Miseensonni maatii tokko keessaa, maaliif akka isaan iddoo kennanu, eenyuun akka jaal’atanuu fi fedhiin isaanii kan uumamaa garamitti akka jal’atu baranneerra. Akkasumas, ijoolleen dhiiraa sun tokkoon tokkoon isaanii mirga dhalootaatiif(angafummaaf) iddoo akkami akka isaan kennanu hubanneerra. Namni tokko as irra kan inni hubatu, miseensi maatii kanaa akka isaan wal irratti taphachaa tura, tokko isa tokko akka isa kaan irra caalchisaa ture, walqoodaa akka turaniidha . Hata’u malee Waaqayyo garuu kakuu Abrahaamiif galeef amanamaa akka turee fi akka maatiin kun dhaaltota kakuu sanaa ta’an hubanneerra.



Yaadni keenya faalamee, waan nuyi baay'ee gadhee taaneef Waaqayyo nutti hin fayyadamu jennee amanuu dandeenya. Kakuun Waaqayyoo amala keenya irratti hundaa'a jennee yaaduu dandeenya. yookaan ammo akkaataan gocha keenyaa, akkaataa Waaqayyo itti nu ilaalu eenyummaa keenyaa fi wantoota nuyi hojjennu irratti hundaa'a jennee yaaduu dnadeenya. Yoo nuyi namoota gaarii taane, Waaqayyo nu eebbisa; yoo nuyi gaarii ta'uudhaa baanne ammo, Waaqayyo nun eebbisu. Seenaa kana keessatti obboleessa isa tokkootu faayidaa isa tokkoo duraa fudhata. Esaawuun beela'eera; buddeenaaf jedhees abdii kutateera. Yaaqoob kana argee faayidaa angafummaa isa obboleessa isaa angafaaf kenname fudhachuuf akka carraatti ilaale. Akkasumas ilmi inni angafni fedhiin garaa isaa akka amala isaa too'atu eeyyamuu isaa, kanumaa Esaawu dhaala isa ilma jalqabaa ta'uu isaatiin kansaa ta'e, angafummaa isaa akka inni tuffate ilaalla. Yaaqoob carraa kana fudhatee, obboleessa isaa gowwomsuudhaan waan barbaade sana kan ofii godhate.

Gochaan Waaqayyoo amala keenya erratti hin hundaa'u. Waaqayyo kakuu nu wajjin galeef jecha in hojjeta. Inni kakuu nuuf galeera.. Waaqayyo, kakuun bara baraa kan Abrahaam fi kan sanyii dhaloota isaa kan isatti aanee dhufuu, kan ijoolleessaa akka ta'e abdachiiseera." Inni, "yoo isaan gaarii ta'an" yookaan "yoo isaan waanan isaaniin jedhe hijjetan" yookaan "yoo isaan waan dubbatan eegan" jechee kakuu sananaaf haal-duree hin keenye. Akkas mit; Waaqayyo kan inni hojjetuuf sagalee Isaa wan kenneefi. Waaqayyoo kakuu isaa Abraamiif galee, Yisihaaqii fi ijoollee isaaf galee, kakuu sanas in eege. Wanti hundumtuu sababa jaalala isaa isa guddaa inni ilmaan namootaa hundaaf qabu irraa kan ka'ee dha. Hundanti keenya karaa cuuphaa qulqulluutiin kakuu kana jala dhufna. Akka Waaqayyo kaku isaa raawwatuuf, nuyi guutummaan guutuutti Waaqayyotti hirkanna. Yoo nuti illee akkaataa namoota kaan gowwomsinuu fi amanamummaa hinqabneen, bu'aa yookaan carraa namoota kaanii fudhanne, Waaqayyo amanamummaadhaan, dhuga qabeessummaadhaan, sagalee kakuu isaa raawachuudhaaf gutummaamn guutuutti hojjeta.

Amalli namummaa keenyaa rakkisa ta'u illee, Waaqayyo namootumatti gargaaramuudhaan sanyii ilma namaa gara kaayoo jalqabatti isaaniif qabuutti isaan deebisa. Inni cubbuu keenya jalaa nufuree, birmadummaadhaan jireenya cubbuuttii qullaa'e akka jiraanu filate. Akkasuma, Waaqayyos ilma angafaa qaba ture. Maqaan isa Iyyesuus jedhama. Furamuun hunda keenya

Waaqayyo irratti hundaa'a. Akka ilma angafaatti itti gaafatamummaa isaa of eeggannoodhaan qabate. Wangeelli Yohaannis 3:16-17, kana nu yaadachiisa . Lakkoofsa kana armaan gaditti barreessaa! \_\_\_\_\_

---

---

---

Nuyi eebbifamaa dha sabaiin isaas Iyyesuus angafummaa isaa hin tuffanne. Inni akka ilma angafaatti dhufe. Ilma Waaqayyoo isa tokkicha warra isatti amananiif jireenya barabaraa kennuuf fedha qaba. Iyyesuus karaa Waaqayyo abaan ilmaan namootaa hunda deebisuuf, gara mootummaa ilma isaatti isaan fiduuf itti gargaaramee dha.

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo Gooftaa, anis akkuma Yaaqoob waanan barbaadu argachuu jecha namoota kaan gowwomseera. Yaada gaarii dhabuun koo, akkaataa amanamummaan keessa hinjirreen miseensota maatii, hiryootaa fi namootan wajjin hojjedhu, ilaaluun koo walitti dhufeenyaa fi firooma koo baay'isee miidheera. Yeroo baay'ee gaabbiin akka qofummaaniifi abdi dhabee gatamuun natti dhagahamu na taasiseera. Yaa Iyyesuus cubbuu koo himadhee akkan qalbii diddiirradhu jajjabina kee naaf kenni. Kan akka ani dhuga qabeessa, amanamaa fi nama sirrii kan waan qajeelaa raawwatu akkan ta'u humana naaf kennuu danda'u si qofa akka taate nan amana. Keessumaa adda baasee akka naannoo \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_ keessatti haala addaan nawajjin hojjetun si kadhada. Yaa Iyyesuus, akka mucaa angafaatti, atti angafummaa keen waan hin tuffanneef sin galateeffadha. Qooda kanaa ati akka ani dhaaltuu isa Waaqayyo Abbaan ijoollee isaa hundaaf qopheessee akkan ta'uuf anaaf jettee du'uu filatte. Isa kanaaf guddaan si galateeffadha.

#### **kutaa 4<sup>ffaa</sup>**

**SEENSA:** Amma egaa wnati mana Yisihaq q keessaa jiru karaa sirrii ta'e irra akka adeemaa hinjirre nutty dhagahamuu jalqabeera. Waaqayyo Gooftaan ijoollonni lakkuun gadameessa ishee keessa jirun akka isaan gargar bahanii saba lama ta'anu Ribqaatti himee ture. Inni tokko

Yaaqoob jedhanmee moggaafame ;kana jechuunis gowwomsaa jechuudha. Gowwomsuunis hojii isaa ture! Boqonnaa macaafa qulqulluu itti aanu muraasa hunda keessatti,Yaaqoob gowwomsichi, isaa gowwomsu yookaan isaa gowwomsamu ilaalla. Kutaa 2ffaa barnoota kanaa keessatti, Yaqoob akkamiin jal'inaan Esaawuun gowwomsee akka inni angafummaa isaa fudhate baranneerra. Gocha kana keessatti,Esaawu akka ilma angafaatti waan kan isaa ta'eef akka inni iddoo hin keenne,akka inni tuffate baranneerra. Dhugumaan Esaawuu akka inni angafummaa ofii isaa tuffate ilaalleerra. Waaqayyo isa kan maatii isaa irraa deeb'ee, dubartii nama gosa Heet(Seera Uumamaa 26:34-35) taate fuudhee waan fedha ofii isaa hojjechaa jireenya mataa isaa jiraachuuf murteeffate. Hohiin isaa kun hundi abbaa isaa tuffachii isaa fi waan abbaa isaa bakka bu'e hunda tuffachuu, iddoo itti laachuu dhabuu isaa agarsiisa. Yeroo eebba Yisihaaq kan Waaqayyoo Abrahaam abbaa isaaf kenne yeroo yaadannu, kun baay'ee barbaachisaa dha. Wanti Abrahaamiif kakuu galamee Yisihaaqitti darbe, amma kan Yaaqob ta'e.

**BARSIISA:** .Mirgi dhalootaa(Angafummaa) fi eebbi kennaa abbaan ilma isaa isa angafaaf kennuudha. Mirgi dhalootaa tookaan Angafummaan ilmaaf dhaala abbaa isaa isaaf kennaEebbi garuu jechoota abbaa, kan ilma sana bara jireenya isaa hundumaa geggeessanu labsu turan. Seera Uumamaa25:29-34 keessatti akkamiin akka Yaaqoob angafummaa Esaawuu fudhate baranne. Amma ammo Seera Uumamaa 27 keessatti akkamitti akka Yaaqoob eebba Esaawuu fudhate ilaalla.

**ABBALTII:** Seera Uumamaa 27:1-29 dubbisaa.

**SHAAKALA:** Mee lakkoofsota kana ilaallee seenichi akkamiin akka ibsame hubanna.

1. Haalli fayyaa Yisihaq akkam turee (Lakkoofsa 1)?

---

---

2. Yisihaq barri jireenyaa isaa inni lafa irraa lakkaa'aa ta'uu isaa beeke. Dulloomaa dhaa, dadhabaadhaa, iji isaas barriseera. Yeroon inni eebba isaa Esaaawuuf kennuu qabu akka gahe beekke, adeemsa eebba sanaa eegaluuf Esaawuun waamuudhaan jalqabe. Lakkoofsa 3 fi 4 keessatti ergaan inni Esaawuutti hime maalii?

a. \_\_\_\_\_

- b. \_\_\_\_\_
- c. \_\_\_\_\_

3. Yisihag waltajjii qopheesseera “ ani utuun hin du’in \_\_\_\_\_  
 \_\_\_\_\_ jedheen”

**BARSIISA:** Waa’ee Esaawuu wann hundumaa utuu beekuu, Yisihag eebba isaa isaaf kennuudhaaf murtoo godhe. Yisihag Esaawuun baay’ee mararsiifata, in jaallata. Akka abbaa fi ilmaati Yisihag fi Esaawu jaalala adamoof qabanu waliif hiraa, dhandhama bu’aa adamoo bosona keessaa kanatti gammadaa turan. Yisihag waan Esaawuu adamsee fidu nyaachuun itti tola ture (Seera Uumamaa 25:27-28). Garuu Esaawuu Waaqayyoon isa kan abbaa isaatii dhiisee karaa mataa ofii isaa irra bu’e (Seera Uumamaa 25:27-28). Akkasumas maatii Ismaa’el keessaa niitii fuudhee, namootaa qaama kakuu Waaqayyoo hin ta’in duukaa bu’uu eegale (Seera Uumamaa 28:8-9).

**Kutaa 5<sup>ffaa</sup>**

**SHAAKALA:** Ilmi Ribqaan mararsiifattu

(jaal’atu) \_\_\_\_\_ dha. Yeroo Yisihag Esaawuu wajjin haasa’u dhaggeeffachaa turte. Amma isheenis eebba Yisihag argachuu barbaadde, garuu ofii isheef miti, Yaaqoob ilma ishee isa jaal’attuuf barbaadde.

1. Yeroo Esaawuu bahee adeemu Ribqaan maal gootee (Seera Uumamaa 27:6-7)  
 \_\_\_\_\_  
 \_\_\_\_\_

2. Gorsii (ergaan) Ribqaan lakkoofsa 8 keessatti Yaaqoobitti himte maal turee?  
 \_\_\_\_\_

a. Lakkoofsa 9 keessatti :  
 \_\_\_\_\_

b. Lakkoofsa 10 keessatti :  
 \_\_\_\_\_

3. Ribqaanis waltajjii qopheeffatte “atis inni utuu hin du’in akka \_\_\_\_\_  
 \_\_\_\_\_ (Seera Uumamaa 27:10)”

4. Yaaqob garuu karoora isaa keessatti rakkoo tokko arge. Yaaddoon isaa kan lakkoofsa 11 fi 12 keessatti barreeffame maalii?

\_\_\_\_\_ Ifaa  
dhumatti yaaddoon isaa hojii isaa isa gowwomsaa kana irratti qabamee iddoo eebbaa, abaarsa abbaa isaa fudhachuu dha.

5. Ribqaan kutannoodhaan akka Yaaqob eebba abbaa isaa fudhatu murteessitee, karroorri sun yoo karaatti hafe illee abaarsi sun akka ishee irra bu’u fedha ishee ture. Lakkoofsa 13 keessatti namoota dubbisanuuf heeka iccitii fi barbaachisumaa dhimmicha kenniti. Maal jettii? \_\_\_\_\_

6. Kanaaf Yaaqob isheef abboomamee, haatii fi ilmi karoora isaanii isa abbaa fi obboleessa gowwomsuuf qopheeffatan itti fufani. Yisihaqiin gowwomsuu danda’uu isaanii sirriitti mirkaneeffachuuf adeemmi dheeraa isaan keessa bahan hubadhaa.

a. Lakkoofsa 14 :

\_\_\_\_\_

b. Lakkofsa 15 :

\_\_\_\_\_

c. Lakkofsa 16 :

\_\_\_\_\_

7. Sana booda Yaaqob gara abba isaatti ol gale. Lakkoofsa 18 keessatti gaaffiin Yisihaq inni jalqabaa maal turee?

\_\_\_\_\_

8. Lakkoofsa 19 keessatti deebiin Yaaqob maal turee? \_\_\_\_\_

9. Yisihaq Esaawuun dafee deebi’uu isaa dinqisiifate (Lakkoofsa 20)? Akkas jedhee gaafate: \_\_\_\_\_

10. Yaaqob akkas jedhee deebise:

\_\_\_\_\_

11. Lakkoofsa 21 keessatti Yisihaq, Esaawuun ta’uu isaa mirkaneeffachuu waan barbaadeef \_\_\_\_\_ akka inn gara isaatti siqu gaafata. Duraan waan gowwomsameef malee Yisihaq, Esaawuun ta’uu isaa maliif shakkee? Moo gowwomseera? Yaadni keessan maalii?

---

---

---

Yisihq mana gowwomsamuu yookaan amanamummaan keessa hinjirre keessa jiraate. Kara sirrii ta'ee waan kan isaa hintaane akka Yaaqob argatuuf, haati manaa mataa isaatii abbaa manaa ishee Yisihqiin gowwomsiteetti. Ilmi Yisihq, Yaaqob, waan barbaadu-angafummaa argachuuf obboleessa ofii isaatii, mirga dhalootaa kan Esaawuu fudhachuuf, Esaawuun gowwomseera. Amma egaa haatii fi ilmi, eebba abbaa duukaa jiru. Eebbi kunis kan Yaaqob ta'uu kan danda'u karaa gowwomsaatiin qofa akka ta'e haatii fi ilmi beekaniiru.

12. Sagaleen kan Yaaqob fakkaatu illee harki isaa rifeensa'aa waan ta'eef gowwomsaa sun hojjeteera. Lakkoofsa 24 keessatti Yisihq erra deebi'ee si'a tokko gaaffii gaafate

---

13. Yaaqobis akkas jedhee deebiseef,

---

14. Yisihq, nyaata inni qopheesse sana irraa xiqqoo akka inni isaaf fidu isa abboome. Nyaata sana nyaatee daadhii wayinii sanas dhuge. Sana booda dhangachuudhaaf akka Yaaqob itti siqu gaafate. Lakkoofsa 27 keessatti Yisihq xumura irratti akka inni Esaawuun ta'a akka inni manau waaltu isa taasisee? \_\_\_\_\_

15. Dhuma irratti eebbi in kenname. Eebbich maal turee (Lakkoofsa 28-29)?

a. "Waaqayyo waaqa irraa

\_\_\_\_\_."

b. "Sabni baay'een siif

\_\_\_\_\_."

c. "Obboloota kee irratti

\_\_\_\_\_."

d. "Namni si

abaaru \_\_\_\_\_."

**DHUUNFAADHAAN HOJII IRRA OOLCHUU:** Maal Yisihaaq eebba akkamii ilma isaa Yaaqobiif kennee! Isin nama kam irraa iyyuu eebba fudhattanii beektuu? Maatii irraa? Hiryyaa irraa? Geggeesaa waldaa Kiristiyaanaa? Luba waldaa yookaan geggeessaa waldaa kan biraa irraa? Aadaa tokko tokko keessatti eebbi beekamaa miti. Eebbi garuu nama eebbifame sanaaf human kennaaf(injabeessa). Jireenya keessan irratti eebba Waaqyyoo dhaga'uu in dandeessuu?

1. Waaqayyo maal utuu isiniin jedhuu dhaga'uu barbaadduu?

---

---

---

2. Eebbi isin mucaa keessaniif, haadha manaa keessaniif, hiryyaa keessaniif yookaan nama waliin hojjettanu tokkoof kennuu barbaaddanu maayinnii laataa?

\_\_\_\_\_ Eebbi  
maatiin tokko yeroo mucaan isaa manaa bahee deemu kennuuf, “Yaadadhu, ani sinjaal’adhaa” ken jedhu ta’uu danda’a.

3. Yaadadhaa Seera Uumamaa 12 keessatti Abrahaa saba kaaniif eebba akka ta’utti Waaqayyo isa eebbise. Take time to consider how your life might bless someone else’s life. Mee yroo fudhadhaatii jireenyi keessan jireenya nama biraatiif ammam akka eebba ta’u yaadaa. Namn(Namoonni) sun eenyyn ta’uu laataa?

---

---

4. Jireenya nama sanaa eebbisuudhaaf maal jettu yookaan maal gootuu laataa?

---

---

---

**KADHANNAA:** Yaa Gooftaa ati dhugaadhaan jireenya koo eebbisteetta. Ati nagowwomsita jedhee ani tasuma sodaachuun nah in barbaachisu. Wantoota kan keeta’an gaggaarii naaf yaadda. Sagalee kee eebbaa yeroo ati anatti dubbatu akkan dhaga’uu dnada’u nadandeessisi. “Humna hafuura qulqulluutiin abdiitti guddachaa akka adeemtanni,Waaqayyo inni abdi namaaf kennu,isatti amanuu keessaniin gammachuufi nagaa hundumaan isin haa guutu!” Carraa jireenya namoota kaan eebbisuuf jirutti yeroo hundumaa nama dammaqaa na taasisi. Wanti ani hojjedhu

hundi ulfina kee fi kabajaa keetiif hata'u. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_



BARNOOTA SADAFFAA  
**AMMA ESAAWU**  
**YAAQOBIIN JIBBE**

**SEERA UUMAMAA 27,28-YAAQOB BAQATEE DEEMUU ISAA**

---

---

**AGARSIISA QABIYYEE BARNOOTA 3<sup>FFAA</sup> 3**

<b>Agarsiisa</b>	25
Seensa	26
Barnoota 3ffaa: Seera Uumamaa 27 fi 28	
• Gowwomsuu fi Dhugaa	27
• Gowwomsuun Yaaqob saaxilamuu isaa	29
• Dhiifama gochuuf Waaqayyo amanamaa ta'uu isaa	30
• Yaaqob Kaaraanitti baqachuu isaa	32
• Gowwomsuun Diinummaa Uumuu isaa	3

---

---

**AMMA ESAAWUUN YAAQOBIIN JIBBE**

## SEENSA

Egaa gowwomsuun maayinnii? Eessaa dhufaa? Adabbiin gowwomsuu maalii dhaa? Gowwomsuu ilaalchisee macaafni qulqulluun maal nu barsiisaa? Gowwomsuun oduu gadhee/gaddisiisaa yoo ta'e, oduu gammachiisaan (oduun gaariin) maayinnii? Barnoota kana keessatti hubannaa fi beekumsa waa'ee gowwomsuu fi namoota gargar baasuu fi michoomaa fi firooma isaan gidduu jiru balleessuuf human inni qabu tilmaamaa.

Barnoota 2<sup>ffaa</sup> keessatti Yaaqob obboleessa isaa fi abbaa isaa gowwomsuudhaan angafummaa(mirga dhalootaa) fi eebba ilma angafaaf ta'u akka fudhate baranneerra. In Amma barnoota 3<sup>ffaa</sup> keessatti Esaawuu obboleessa isaatiif gocha gowwomsuu inni irratti raawwatee karaa sirriidhaan waan kansaa ta'e irraa fudhateef akkamiin akka deebi kenne barbaadaa. Karoora Ribqaan Yaaqobiif baafte ilaalaa.

Xumura irratti seenaa kana qo'annee erga fixnee boodaa, yaada dhuunfaa keenyaa irratti calaqqisiiuuf yeroo fudhanna. Waa'ee gowwomsuu irratti muuxannoon yookaan shaakalli koo maal fakkaataa? Kan ani gowwomsaa ta'ee fi kan ani gowwomsame yoomii? Macaafni qulqulluun numti illee akka mataa keenyaan of gowwomsinu nu barsiisa. Kun akkamiin ta'uu danda'a jennee gaaachuu dnadeenya. Mee yeroo ofiif kennaatii waa'ee jireenya dhuunfaa keessanii dhugaa jiru yaadaa. Gad of-deebisuudhaan mee waan Gooftaan mul'isuuf deebii kennitanu yaadaa.

---

---

***AMMA ESAAWUUN YAAQOBUN IIBBE***

---

---

## **Kutaa Iffaa**

**ABBALTII:** Seera Uumamaa 27 irra deebi'aa dubbisaa.

**BARSIISA:** Waa'een gowwomsuu qaama seenaa kanaa fi seenaa itti aanuu waan ta'eefii, yeroo muraasa fudhatanii kutaa macaafa qulqulluu waa'ee gowwomsuu dubbatanu qo'achuun barbaachisaa dha. Gowwomsuun maalii? Adabbiin warra nama gowwomsanuu maal fa'aa dhaa? Rakkoon inni bu'uuraa maayinnii? Gaaffilee kanaa fi kan biroof deebii kennuuf Seera Uumamaa 27 dhiisnee kitaabolee wabii dabalataa ilaalla. Kun lakkoofsota kutaa macaaa qulqulluu adda addaa keessaa barbaaduu akka shaakalluu fi sagaleen Waaqayyoo akka nu barsiisuuf carraa kennuufii dha.

1. Maatewos 13:22-23- Wanti yeroo baay'ee nu gowwomsu tokko maalii?

---

2. Macaaa Eermiyaas Raajichaa 17:9- Gowwomsaa ta'uun eessaa dhufaa?

---

3. Maarqoos 7:20-23 – Yaadni garaa namaa of keessatti maal qabataa?

---

4. Seera Leewotaa 19:11 – Abboommiin Waaqayyoo maalii?

---

Maatewos waa'ee gowwomsaa badhaadhummaa wajjin dhufuu dubbata. Hundumti keenya yeroo tokko yookaan yeroo biraa gowwomsaa badhaadhummaa argineerra. Yeroo baay'ee sababa nuyi badhaadhummaan yookaan qabeenyi waan qabaachuu qabnuu dha jennee amanuuf gowwomsaan karaa badhaadhummaa uumama. Yeroo qabeenyaan argamu, gammachuu,quufa, dheebuu ba'uu, hiriyaa fi waanuma nammi filachuuf amanu nuuf fida jenne yaadnu(amannu), gowwomsamna. Dhugaan jiru, waan soba ta'e amanuudhaan gowwomsamneerra.

Eermiyaas garaan namaa jal'aa akka ta'ee fi eenyu illee isa qajeelchuu aka hin dandeenye nutti himeera. Garaan namaa kan nama gowwomsuu fi kana irraa isa fayisuun rakkisaa akka ta'e dubbata. Cubbuun garaa namaa keessa guuteera. Wiirtuun cubbuu immoo gowwomsuu dha. Seenaa jennata edeen keesaa, yeroo bofichi dubartittiitti dubatee yaadadhaa. Wanti inni jedhe

hundumtuu gowwomsaadha. Egaa amma Maarqoos keessi garaan namaa akka inni gowwomsaa of keessaa qabu nutti hima. Akka cubbamaa ilma namaa tokkootti inni qaama eenyummaa keenyaati.

Abboommiin Waaqayyoo inni Seera Leewotaa keessa jiru akka nuyi walii walii keenya hin gowwomsine nutti hima. Waaqayyoo bu'aa fi faayidaa keenyaa abboommi kana kenne. Yaaqob yeroo gowwomsaa keessatti hirmaate, in sobe. Abbaa isaa yeroo baay'ee gowwomse. Si'a tokko miti, si'a baay'ee gowwomse. Macaani qulqulluun inni hamaan sun sobduu akka ta'e abbaa sobaas akka ta'e nu barsiisa. Isa keessa dhugaan hin jiru (Yohaannis 8:44).

Faallaan gowwomsuu, dhugaa dubbachuu dha. :Amma kutaa macaafa qulqulluu kana ilaalaatii waa'ee dhugaa baradhaa.

1. Macaaa fakkeenya 14: 5 Amalli dhuga baatuu amanamaa maalii?

\_\_\_\_\_

2. Efesoon 4:21-24-Dhugaan eessaa dhufaa? \_\_\_\_\_

3. Wanti nuyi hojjechuu dhiisuu qabnu maal fa'aa dha?

\_\_\_\_\_

4. Ergaa Yohaannis Isa duraa 1:8-9- Kutaa kana armaan gaditti barreessaa:

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

5. Ergaa Pheexroos isa duraa 2:21-22. Fakkeemyummaan Kirstoos kan nuyi hordofuu qabnu maalii dhaa? \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

6. Wangeela Yohaannis 14:6- Iyyesuus waa'ee ofii isaatii maal jedhaa?

\_\_\_\_\_

Dhugaan kan nama gowwomsu miti. Dhugaan amanamaa dha. Yisihaq namich eebsaaf fuula isaa dura jiru, ilma isaa Esaawuu ta'uu isaa mirkaneeffachuu barbaadee yeroo meeqa gaaffii gaafatee? Duraan mana isaa keessa gowwomsuun jira ture. Inni wanta agruu hin dandeenye hinamanu ture. Dhugaa fi gowwomsaan (sobni) walii wajjin jiraachuu hindanda'anu. Tokko

keessaa dhuga-baatuu yookaan raga dhugaa ta'a; inni kaan immoo dhuga-baatuu yookaan ragaa sobaa ta'a.

Dhugaan Iyyessu biraa dhufa. Dhugaan bu'uura eenyummaa isaati. Inni Karaa, Dhugaa fi Jireenya akka ta'uu isaa dubbata. Yeroo Seexanni sobaan nu gowwomsuu barbaadu, nuyi dhugaadhaaf Iyyesuusiin amananna. Waan hunda irra caalaa nuyi of gowwomsuu dhiisuu qabna. Waan tokko illee taanee utuu hin jiraatin, akka waa taanetti anamuudhaan of gowwomsuu dandeenya. Akka waan baay'ee barbaachisaa taaneetti, yookaan beekaa taaneetti yookaan waan nugowwomsu tokkotti of yaadnee, namoota kaan irra akka caallutti yaaduudhaan of gowwomsuu dandeenya. Hin gowwominaa. Waaqayyo kan itti ga'isan miti. Ergamaan Phaawuloos ergaa gara warra galaatiyaa 6:7-8 keessatti, waanuma facaasnee hingalfata jedhee nutti hima. Kun seera qonnaati. Yoo qamadii facaasne, calla qamadii galfanna. Akkuma kana jireenya keenya keessatti wantoota akka gowwomsuu fi sobaa facaasnee, jireenyaan dhugaa fi amanamummaa galfanna jennee yoo yaadne of gowwomsaa jirra.

Ergamichi Yohaannis oduu gaddisiisaa fi oduu gammachiisaa nuuf kennuu barbaada. Oduun inni gaddisiisaan nuyi cubbuu hin qabnu yoo jenne of gowwomsaa akka jirruu dha. Ofii keenyatti dhugaa himaa hinjirru jechuu dha. Inni dhugaanis nu keessa hinjiru jedha. Oduun Gammachiisaan immoo, cubbuu keenya yoo himanne, inni amanamaa fi tolaa waan ta'eef cubbuu keenya hundumaa nuuf dhiisa. Inni akkuma Abrahaamiif, Yisihaaqiif fi Yaaqobiif amanamaa ta'e, nuyiifis amanamaa dha, akkasumas cubbuu keenya Iyyesuusiif jedhee nuuf dhiisa. Waaqayyo ofii keenyaa fi Isatti namoota dhugaa dubbatanu akka taanu nurraa barbaada.

Hundumti keenya cubbuu gowwomsuutti kufneerra. Gochaan keenya kan Yaaqobii fi kan Ribqaa irraa adda ta'uu danda'a, garuu kallattii kamiinuu of ha mul'isu malee gowwomsuun gowwomsuudhuma. Iyyesus kan nu gowwomsu hundumaa irraa birmaduu nu baasuuf dhufeera. Garaan(lapheen) keenya nugowwomsa. Seexanni nu gowwomsa. Addunyaan yookaan biyyi lafaa naannoo keenyaa, beeksisaa fi wantoota yaada namaa hawwtanu adda adaatiin, akkasuma hiryoonnii fi maatiin illee nu gowwomsu. Garuu Iyyesus Gooftaa qofatu gowwomsaa hin qabu. Oduun Gammachiisaan egaa, waa'een kanaa lubbuu isaa isa kaffalchiisu illee, Iyyesus gowwomsaa isa salphaatti kiyyoo isaa isa hamaatti nugalfachuu barbaadu nurraa balleessee, birmadummaadhaan akka faana isaa duukaa buunu humna isaa nu hidhachiiseera.

Dhugaan ayyaana isaa fi araarri isaa bilisa(birmaduu) nu baasee, ijoollee isaa fi dhaaltuu mootummaa isaa akka taanee jiraannu nu godheera.

## **Kutaa 2<sup>ffaa</sup>**

SHAAKALA: Gara Seera Uumamaa 27 itti deeb'aa. Yaaqob eebbifamee abbaa isaa biraa deemeera. Amma Esaawuu gara manaatti deebi'ee galeera.

1. Esaawuu maal hojjetee (Lakkoofsa 31)?

---

2. Yisihaq maal gaafatee?

---

3. Deebiin Esaawuu maayinnii?

---

4. Gowwomsaan Yaaqob insaaxilame. Namoonni sun tokkoon tokkoon isaanii aariidhaan waan isaan deebisan hubadhaa:

- a. Deebii Yisihaq lakkoofsa 33 keessatt:

---

- b. Deebii Esaawuu lakkoofsa 34

keessatti:\_\_\_\_\_

5. Namoonni kun lamaanuu gowwomsamaniiru. Waan Yaaqoob hojjetee amanuu hin dandeenye. Esaawuu lakkoofsa 36 keessatti waa'ee Yaaqob maal jedhee?

---

---

6. Lakkoofsa 36 keessatti Esaawuun akkas jedhee abbaa isaa kadhate, “Na eebbisi,ana illee na eebbisi,maaloo Abbaaye!..Ati eebba tokko illee anaaf hin ambifnee?” Lakkoofsa 37 keessatti Yisihaq waan hundumaa Yaakobiif kennuu isaa Esaawuutti himee akkas jedhee isa gaafate, “egaa siif immoo maal goghu yaa ilma koo?” Abbaan kun amma akka inni nahee,gaddee ilaalaa. Lakkoofsa 38 keessatti Esaawuun abbaa isaa maal gaafatee?\_\_\_\_\_

7. Kana irratti Yisihaq Esaawuun eebbise. Lakkoofa 39 fi 40 keessatti maal jedhaa?

---

---

---

8. Kun isinitti eebba isinitti fakkaataa? Jechoota Yisihaq Esaawuun jedhee fi jechoota eebbaa inni Yaaqoobiin jedhe wal dorgomsiisaa.
- 

**YAADA OFII CALAQQISIISUU(IBSUU):** Gara xumura seenaa kanaatti dhufaa jirra. Garuu want dabalataa dufuuf jira. Eebbi kennameera. Gowwomsuun yookaan haxxummaan maatii kana keessatti karaa argateera. Waaqayyo Ribqaadhaan ilmi inni angafaa isa quxisuudhaaf hojjeta yeroo jedhe, isa kana yaadaa isaa keessaa qabaa laataa?

1. Utuu Ribqaanii fi Yaqoob harka keessaa hinqabaanne, seenaan kun kana irraa akkamiin adda ta'a turee?
- 
- 

2. Eenuyyuu homaa gochuu hin danda'u garuu deebii abbaa keessa gaabbiin ture itti dhagahama. Garuu namni gaaffii Esaawu maaliif eebba abbaa isaatii kana barbaadee angafummaa isaa tuffatee karaa Yisihaq irraa goree utuu jiruu kan jedhu kaasuu danda'a. Ebbi kun isaaf maal jechuudhaa(hiika maalii kennaaffii0? Kana booddee jireenya eebba kanaan alaa jiraachuun maal fakkaataa laataa? \_\_\_\_\_
- 
- 

3. Eebbi Waaqayyo abbaa keenyaa, isa akka bifa isaa fi akka fakkeenya isaatti nu uumee, amma ammo tokkumaa jaalala isaatti deebisee nufiduu barbaaduu immoo maal ta'uu danda'aa laataa?
- 
- 

4. Esaawuun abbaa isaa garaa laaffisatee eebba harkaa fudhachuu baay'ee barbaadee ture. Akka Esaawuun eebba abbaa isaa fudhachuuf baay'ee barbaade nuti eebba abbaa keenyaa isa Waaqa irraa fudhacuudhaaf amman dheebuu qabnaa? Yaada keessan: \_\_\_\_\_
- 
- 

5. Jireenya koo irratti eebba Waaqayyoo abbaa argachuu kootiif, akkamiinin dinqisiifachuu koo mul'isaa? \_\_\_\_\_
- 
-

### **Kutaa 3<sup>ffaa</sup>**

**YAADATTI (SAMMUUTTI) QABACHUU:** Kutaan macaafa Qulqulluu inni barnoota kutaa kanaatiif baay'ee barbaachisaa ta'e Ergaa Yohaannis isa duraa 1-8-9 . Lakkoofsota kutaa macaafa qulqulluu keessaa kanaaf wabii ta'uu kan danda'anu duraan tarreeffamaniiru. Ammas si'a tokko dubbisa kana kaardii yaadannoo (kaardii indeeksii) barreessaatii, goyyoota baay'ee itti aananuuf dhugaa sagalee kana keessa jirutti gammadaa turaa. Yeroo cubbuu keessan himattanii fi yeroo dhugaa isa Waaqayyo cubbuu keessan isiniif dhiisee ,isin qulqulleessuudhaan, Ilmaa isaa Iyyesuusiin keessatti qajeelota isin gochuuf amanamaa fi tolaa ta'uu isaa beektanu sagalee isaa kun eebba Waaqayyo isiniif hakennu.

**DHUUNFAADHAAN HOJII IRRA OOLCHUU:** Badiisni yookaan diigamni gowwomsuudhaan(haxxummaadhaan) dhufu yeroo hundumaa naannoo keenya jira. Maatiin waa'ee firoomaatiif qoccolloo keessaseenu. Hojiin daldalaa waan nama mufachiisu keessa gala. Namoonni siyaasaa harka diinaatti kufanii badiisaan xumuru. Tarii gowwomsamuu keessaniin yookaan nama biraa gowwomsuu keessaniin adabbiin isin amma keessa darbaa jirtanu maali laataa? \_\_\_\_\_

1. Gowwomsaan (haxxummaan) sun maali laataa?

\_\_\_\_\_

2. Gowwomsaa(haxxummaa) sanaan walitti dhufeenya akkamiitu miidhamee yookaan diigamee? \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

3. Dogoggora yookaan yakka maaliitu fudhatamuu qabaa? Dhiifama akkamiitu labsamee?

\_\_\_\_\_

Waaqayyo yakka keenya beeknee,cubbuu keenya himachuudhaan akka fuula isaa dhufnu nu jajjabeessa. Dhugaan akka qaama jireenya keenyaa ta'u barbaada- dhugaa isa dogoggora himachiisuu fi dhugaa isa jaalalaa fi araara(dhiifamuu cubbuu) Waaqayyo biraa fudhatu.

**KADHANNAA:** Yaa Waaqayyo Gooftaa, har'a gowwomsuun (haxxummaan) akka garaa(laphee) koo keessa jiru sitti nan himadha. Inni amala garaa kootiiti,eenymmaa koo keessa ammo kanaaf qorich hin jiru. Ani ilma namaa isa cubbamaa waanan ta'eef, haxxumaa keessa



namummaa kootii keessaa dhufeen gowwomsameera. Garuu at dhugaa dha. Sagaleen kee dhugaa dha. Cubbuu koo sitti ana himadhaa, cubbuu koo naadhiisuudhaaf amanamaa fi tolaa ta'uu kee akkuma natty himte,namaari. Haalaa fi rakkina garaa(laphee)kootiif qorichi, Ilma kee Iyyesuus ta'uu amaneen fuula kee dhufa. Ilmi kee Goofaan Iyyesuus jireenya kootiif karaa haa ta'u.

---

---

---

### **Kutaa 4ffaa**

SEENSA: Yaaqoob abbaa isaatii fi obboleessa isaa gowwomsee eebba abbaa isaa kan obboleessa isaaf ta'uun irra ture fudhateera. Esaawuun eebbi isaa akka duraa fudhatame yeroo beeketti baay'ee gaddee(aaree),abbaa isaa eebba irraa afe akka kennuuf kadhate. Garuu eebbi isaaf kennamu hin turre. Yisihaaq Yaaqoobiin obboleessaa isaa irratti moosisee, maatii fi firoota Esaawuu hunda hojjettoota Yaaqoob taasise. Eebbi isaa callaadhaa fi wayinii haaraa jiraachuus of keessatti haammateera. Amma seenichi Esaawuun eebbaa abbaa isaa isa kan angafummaa fudhachuu dhabuun gadduu isaatiin itti fufa.

ABBALTII: Seera Uumamaa 27:41 hanga Seera Uumamaa 28:9 dubbisaa.

BARSIISA: Kutaa 1<sup>ffaa</sup> keessatti Raajicha Eermiyaas irraa “ garaan namaa waan hundumaa irra jal'aa dha,namnis isa qajeelchuu hindanda'u,egaa eenyutu isa beekuu danda'aree?” kan jedhu baranneerra(Macaafa Eermiyaas Raajichaa 17:9). Gowwomsuun human cubbuun balleesuudhaaf of keessaa qabu jennata Eden keessatti yeroo bofti sun dubartittii gowwomsee akka isheen ija muka jireenyaa sana nyaattu taasise mul'ate (Seera Uumamaa 3:13.) Gowwomsuun garaan namaa cubbamaa ta'uu isaa agarsiisa. Gowwomsuun bifa Waaqayyoo kan ta'e ilmi namaa cubbudhaan manca'uu isaa nu yaadachiisa. Nuyi akka Inni barbaadetti uumamaatti isaWaaqayyoon mul'isuu hin dandeenye.

SHAAKALA: Esaawuun ammas boqochaa hinjiru. Seenaa kana Seera uumamaa 27:41 keessatti itti fufaa.

1. Akka lakkoofsa 41a keessatti ibsametti sammuu Esaawuu keessa yaada akkamiitu naannaa'aa turee?

2. Hundeen haaloo Esaawuu maal turee(Lakkoofsa 41b)? Haaloon sun maaliif turee (Lakkoofsa 41b)? \_\_\_\_\_
3. \_\_\_\_\_
4. Maal gochuuf karoofataa(Lakkoofsa 41c)  
?  
\_\_\_\_\_
- .Karoorri kun obboloota lama kan biraa gara sammuu nama fida-obboleessi inni maqaan isaa \_\_\_\_\_ jedhamu, obboleessa isaa \_\_\_\_\_ ajjeesuuf sammuu ofii isaa keessatti murteeffateera (Seera Uumamaa 4:8).
5. Haaloon hammeenya hora/kuusa. Haaloon itti fufee yaada hamaadhaa fi fedha jal'aadhaan deeggarame gara ajjeechaatti geessuu danda'a. Ergamaan Phaawuloos, Efesoon 4:26 keessati maal nutty himaa? \_\_\_\_\_
- \_\_\_\_\_
- Maaliif hinta'uu? Rafiitiin, isa hamaadhaaf akka inni namatti siqu carraa kennaaf, akkasumas yaadni hamaan sammuu keenya keessatti akka guddatu taasisa(Efesoon 4:27) Ribqaan waan Esaawuun karoofatu bartee,ariifatee Yaaqoobitti himte. Lakkoofsa 42 keessatti Yaaqoobitti maal himtee?
- \_\_\_\_\_
- Esaawuun hubateera. Karooras qaba. Amma abbaan isaa du'u qofatti eeguutu isa barbaachisa.
6. Ribqaan yeroo sadaffaadhaaf boqonnaa 27 keessatti Yaaqoobitti \_\_\_\_\_
- himte(Lakkoofsa 43)
- Wabiilee lama kan biraa boqonnaa 27 keessa barbaadaatii, bakka isaan itti argaman agarsiisaa.
- a. \_\_\_\_\_
- b. \_\_\_\_\_
7. Gorsii Ribqaa, “jecha koo(sagaleekoo)dhaga'i” kan jedhuudha. Waan ani siin jedhu qofa hojjedhu. Kun waa'ee amala ishee hubannaa akkamii namaaf

kennaa? \_\_\_\_\_

Waa'ee walitti dhufeenya isheen Yaaqoob waliin qabduuwo?

\_\_\_\_\_

8. Akka Lakkoofsa 43-45tti, karoorri Ribqaa maalii?

\_\_\_\_\_

9. Waa'ee Yaaqoob ariifatee deemuu ilaalchiee Ribqaan Yisihaqiif sababa maalii kennittii(Lakkofsa 46)? Seerri Uumamaa 26:34-35 yaada muraasaa kenna.

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

10. Seera Uumamaa 28:1-2 keessatti, karoora Ribqaan Yaaqoob haadaha manaa fuudhuuf akka gara mana abbaa ishee adeemu baste Yisihaaq ariifatee mirkaneesse. Abbaan isaa Abrahaam akka inni biyya firoota isaa deemee Yisihaqiif haadha manaa fidu hojjetaa isaa gara Kaaraan mandaraa Aaram jedhamtutti erguu isaa yaadadhaa. Yaaqoobiif ergaan isaa maal turee?

\_\_\_\_\_

11. Karaa isaa irra utuu isa hinergin dura eebbi Yisihaq Yaaqoobiif kenne maal turee(Seera Uumama 28:3-4)\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

12. Jecchhoota sana keessaa isaan kamtu jechoota Waaqayyoo akaakayyuu Yaaqoobiif,Abrahaamii fi, akkasuma abbaa isaa Yisihaaqiif kenneen wal-fakkaataa?

\_\_\_\_\_

13. Seera Uumamaa 28:5 keessatti Yaaqoob eessumma isaa isa

\_\_\_\_\_ obboleessa \_\_\_\_\_

waliin ta'uuf karaa irra bu'eera. Abbaan isaanii

\_\_\_\_\_

Ammas irra deebinee hidda dhalootaa siirrii eeguun, karaa hundee dhuufaati Iyyesuusiif barbaachisaa dha. Kakuun sun kan Abrahaamii fi kan sanyii dhalootaa isaati.

## **Kutaa 5<sup>ffaa</sup>**

### **GADI QOTUU(GADI FAGEENYAAN XIINXALUU):**

1. Yeroo Yaaqoob mana eessumaa isaa, mana Laabaanitti baqate, Esaawuun maal gochuu murteesse(Lakkofsa 6-9)\_\_\_\_\_

2. Gochi Esaawuu maal nutti himaa? Maaltu isa irra gahaa jiraa?\_\_\_\_\_

3. Ishmaa’el eenyu akka ta’e yaadadhaa. Ishmaa’el eessuma Esaawuu ti; abbaa isaa Yisihaiif obboleessa gar-tokkee dha(Ishmaa’eelii fi Yisihaaq abbaan isaanii tokkodha;haadhaan gargari) Haadha manaa kan biraa fuuchuuf gara maatii Ishamee’eel dhaquun Esaawuu abbaa isaa ingammachiisaaa laataa? Waan hundaafuu, Yaaqoob gara mana obboleessa haadha isaatii deeme. Esaawuun gara mana Ishmaa’el dhaquu isaa keessa dogoggorri jiru maal turee? Seera Uumamaa 16:11-12 keessatti ergamaan Waaqyyoo waa’ee Ishmaa’el ilaalchisee waan inni Aggaaritti hime yaadadha.

\_\_\_\_\_ Seerri Uumamaa 25:18(NIV) “ ...jarris gosoota firoota isaanii ta’anii wajjin diina ta’anii jiraatani,” jedha.

YAADA OFII CALAQQISIISUU (BURQISIISUU): Seenaan kun amma kallattii kan biraa qabachuuf jedha. Dura garuu utuu Kaaraaniin Yaaqoobii waliin hin ilaalin, wantoota ta’aa jiranu irratti waan nutti dhaga’amuu fi ilaalcha dhuunfaa keenyaa calaqqisiisuu nu barbaachisa. Manni tokko garagar qoodameera. Obbolloonni haaloo walitti qabatani jiru. Maatiin ijoollee isaanii garagar baasanii ilaalu (abbaan isa tokko jaal’ata; haati ammo isa kan biraa jaal’atti) Abbaan(Yisihaaq) kakuu Waaqayyoo isa abbaa isaa Abraam irraa gara isaatti darbe qaba. Ijoolleen obbolloonni kun utuu gadameessa keessa jiranu, Waaqayyoo akka isaan gargar bahanu,

inni angafaa isa quxisuudhaaf akka ergamu Ribqaatti himeera. Sirriidhumaatti isuma kanatu ta'aa jira.

Yaaqoob angafummaa (mirga dhalootaa) fi eebba ilma isa angafaa qabateera (fudhateera). Karaa sirriidhaan,jarri kun kan Esaawuu turan,amma garuu Esaawuun angafummaas, eebbas tuffateera; akkasumas abbaa isaa fi obboleessa isaas. Har'as yeroo baay'ee seenaa kanaan walfakkaatu dhageenya. Sababni isaa maaliyyuu haa ta'u malee obbollooni lammata waliin hin haasa'anu;obboleettonnis gargar bahanii,wal irraa fagaatanii guddataniru Wal jibbuunii fi haaloo qabachuun gidduutti guddateera;firummaan addaan citeera;jaalallis badeera

Garri fuul-duraa maati kanaa balaa keessa jiraa? Itti fufee jiraachuun kakuu Waaqayyo galee sun balaa keessa jiraa? Dhaaltuun kakuu abdachiifame sanaa, Yisihaaq qofaa dha. Innis ammo ijoollee dhiira lama qofa qaba,amma jara keessaa ilmi inni tokko waan abbaan isaa dhaabateef hundumaa irraa garagaleera. Ilmi inni tokko ammo obboleessi isaa ajjeesuu waan barbaaduuf ,lubbuu isaa oolfachuuf jecha baqatee deemeera. Waantoota kana hundumaa keessatti Waaqayyo eessa jiraa? Maatii kana gateeraa(dhiiseeraa) Waaqayyo? Waa'ee kakuu isa Abrahaamii fi dhaloota isa boodeef-sanyii isaatiif gale ilaalchisee Waaqayyo yaada isaa jijjiiree laataa? Gowwomsaan maatii kana keessaa,waan Waaqayyoon karoora isaa jijjiirsise fakkaata. Yaada keessan barreessaa: \_\_\_\_\_

---

---

Gaaffileen yaada calaqisiisuuf dhihaatanu,dirqama deebii qabaachuu dhiisuu danda'u, garuu waan ta'uu malu akka yaadnuuf nu gargaaru. Bakka namoota dhimmichi ilaallatuu of keenyee akka yaannuuf carraa nuuf kennu. Gaaffileen yaada keenya burqisiisuuf dhihaataa, gaaffii ciccimaa akka gaafannu nugargaaru. Haala kana hundumaa keessatti,Waaqayyo eessa jiraa? Maal yaadaa jiraa? Waa in godhaa laataa? Hin aaree laataa? Maatiin kanaa wal qoccolu,ilma isa tokkoo obboleessa ofii isaa ajjeesuu barbaadu kun hundi Waaqayyotti maal fakkaataa? Gowwomsuu taasifamaa jiru kanaa wajjin Waaqayyo walii gala? Walitti dhufeenyi yookaan firoomni diigamu illee,Waaqayyo karoora isaa raawwachuu indand'aa? Yaada keessan barreessaa:

---

---

Seenicha keessatti yeroo gara qabxii kanaa dhuftanu, yaadni isin calaqqisiisuu barbaaddanu maal ta'aa laataa? Gaaffileen ciccmaan isin gaafachuu barbaaddanu maal fa'aa dhaa? \_\_\_\_\_

---

---

KADHANNAA: Yaa Gootaa, amma xiqqoo natti tolaa hinjiru (na dhukkubaa jira) Yeroon waa'ee Yisihaqi fi waa'ee maatii isaa daddabalee baradhu, waan ta'aa jiru keessattin ofiikoo arga. Wanti hamaan maatii koo dhiphisaa jira. Haalli nuyi ittiin wal simachaa turre madaa nu gidduutti uumeera, madaan sun immoo waan fayyu hinfakkaatu. Gargar bahiinsa nu gidduutti uumame akka fayistun sikadhadha. Dhukkubaa fi cabiinsa nu gidduutti ta'e irratti jaalala kee fidi. Harki kee nagaa, jireenya gammachuu qabu akka nuu deebisu barbaanna. Addaan baasee soda garaa kootiin fuula kee dura fida \_\_\_\_\_

---

---

---

BARNOOTA ARFAFFAA

# **BAARSHEEBAA DHAA GARA KAARAANITTI**

**SEERA UUMAMAA 28,29: INNI GOWWOMSE IN  
GOWWOMSAME**

---

---

**AGARSIISA TARTIIBA BARNOOTA 4FFAA**

<b>Agarsiisa</b>	35
Seensa	36
Barnoota 4ffaa: Seera Uumamaa 28,29	
• Abjuu Yaaqoob	37
• Yaaqoob abdi kakuu fudhachuu	37
• Kaaraanitti Firootaan wal arguu isaa	40
• Yaaqoob ingowwomsame	41
• Hojii irra oolchuu fi yaada burqisiisuu	
42	

***BARSHHEEBAA IRRAA GARA KAARAANITTI***

---

---

## SEENSA

Yaaqoob lubbuu isaaf jedhee baqate. Haada isaa ishee obboleessa isaa fi abbaa isaa gowwomsuu isaa keessatti isaan walii galte dhiisee deeme. Abaab isaa kan waa'ee ilma isaa angafaa isa mirga dhalootaa(angafummaa) isaa fi eebba isaa saamamee gaddus dhiisee deeme. Obboleessa isaa kan sammun isaatii, isa ajjeesuutti qabamee jiru dhiisee deeme.

Muuxannoon isaa kan adeemsa karaa Kaaraan irraa garuu jireenya isaa jijjiire. Kan jijjiirama akkasii fiduu danda'e karaa isaa irratti maaltu ta'ee laataa? Yeroo barnoota 4ffaa qoa'attanu, qabxii jijjiiramaa isa jireenya Yaaqoob keessatti jalqabbii haaraa fide kana barbaadaa.

Yeroo booddee,Yaaqoob biyya Kaaraan gahee,eessumaa isaa, obboleessa haadha isaat wajjin wal arge Firoota isaa wajjin jiraachuu keessatti jireeny isaa maal fakkaata turee laataa? Jaalala Yaaqoob Raaheeliif qabu sirriittu hubadhaa. Gowwomsaa abbaa isheetiin garuu,seenaan kun waliin rukutamaa ta'a.

Egaa,eeyyee,adabbiin jiru turan. Bu'aa toora hojii hamaa abbaa Raaheel ibsaa. Dhukkubbiin laphee ture maalii? Dhukkub kana eenyutu baatee?

Barnootni kun akka nuyi jireenya dhuunaa keenyaa toora irra buufachuun jalqabii ho'aa fi haaraa akka shaakallu nu affeera. Yeroo sagalee isaa keessatti, akkasumas namoota isaa gidduutti Waaqayyoo Gooftaa wajjin wal argitanu, waa'ee jalqabbii haaraa kan oii keessanii qalbeeffadhaa.

---

***BARSHEEBAA IRRAA GARA KAARAANITTI***

---



## **Kutaa Iffaa**

BARSIIISUU: Jechi abboota amantii jedhu isinii haaraa ta'uu dhisuu dandaa'a. Abbootiin amantii bebbeekamoon kakuu moofaa keessa turan Anrahaam, Yisihq fi Yaaqoob. Jechi abboota amanti ibsu kan Partiarich jedhu jechoota warra Laatiin irra kan dhufe ta'ee patri jechuun abbaa jechuu dha. Namoonni kun akka akaakkayyuu saba Yihudii, saba Ibrootaatti ilaalamu turani. Seera Uumamaa keessatti Waaqayyo akka inni abdi kakuu barabaraa baatuuf Yaaqoobiin filachuu isaa baranna.

ABBALTII: Seera Uumamaa 28:10-22 dubbisaa. Mee Yaaqoobii wajjin adeemaa seenaa kana itti fufna. Yaaqoob Barsheebaa ,biyya maatiin isaa jiraatanu bahee,gara Kaaraan,biyya Aaram jedhamtees beekamtuu, gara mana eessuma isaa, gara mana Laabaan deemaa jira(Seera Uumamaa 28:10).

## **SHAAKALA:**

1. Yaaqoob karaa isaa irra bu'eera. Maal hojjetaa (Lakkoofsa 11)?

\_\_\_\_\_

2. Abjuu isaa kan lakkoofsa 12 keessa jiru

ibsa. \_\_\_\_\_

- a. Akka lakkoofsa 13tti gararraa yaabbannoo sanaarra eenytu turee?

\_\_\_\_\_

- b. Ani eenyu ittiin jedhee?

\_\_\_\_\_

- c. Maal akka kennu

dubbatee? \_\_\_\_\_

- d. Lakkoofsa 14a keessatti sanyii Yaaqoobiif maal kakuu galee?

\_\_\_\_\_

- e. Karaa Yaaqoobii fi karaa ijoollee isaa(Lakkoofsa 14b) eenyutu eebbifamuuf jiraa?  
\_\_\_\_\_
3. Lakkosa 15 keessatti, maal kakuu galee?  
a. Kunoo ani  
\_\_\_\_\_
- b. Iddoo ati dhaqxu  
\_\_\_\_\_
- c. Biyya keetti  
\_\_\_\_\_
- d. Ani si  
\_\_\_\_\_
4. Ammas irra deebi'amee kakuun biyyaa fi ijoollee kennameera. Kakuu Abrahaamii fi Yisahaqiif galamettu ammas Yaaqoobiif galame. Dammaqee iddoo Waaqayyo jiru ta'uu hubate (lakkoofsa 16). Lakkofsa 17 keessatti deebin isaa maali?  
\_\_\_\_\_
5. Maal jedhaa? \_\_\_\_\_
6. Lakkoofsi 18, “ganama obboroo...” waan jedhuuf, abjuun kun kan ta'e gara walakkeessa halkanii fakkaata. Yaaqoob maal godhee?  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
7. Iddoo sana maal jedhee waamee? \_\_\_\_\_ Yaadannoo macaaa qulqulluu keessan gara jalaa jiru ilaalaa. Yaadannoo jecha Beeteel jedhuuf hiika kennu qabaachuu dandeessu \_\_\_\_\_  
Jechi Beeteel jedhu jecha lama irraa dhufe: Beet-kana jechuunis mana fi eel-kana jechuun immoo Waaqayyo jechuudha.
8. Lakkoofsa 20-22 keessatti, Yaaqoob in kakate(waadaa gale). Kakaan yookaan waadaan sun yoo fi egaa kan jedhu of keessaa qaba.  
a. Kutaan yoo jedhu maalii?  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

b. Kutaan egaa jedhu maalii?

---

---

Yaaqoob akkas jedhe yoo Waaqayyo 1) isaa wajjin ta'ee isa eege 2) nyaataa fi uffata kenneef 2) 3)nagaadhaan mana abbaa isaatti isa deebise , egaa 1) Gooftaan Waaqa isaa isaaf ta'a 2) dhgaan yookaan utubaan sun mana Waaqayyoo ta'a 3) waan Waaqayyo isaaf kenne hundumaa keessaa kudhan keessaa tokko Waaqayyoo deebisee kenna

9. Seerri Uumamaa 28:22 waa'ee kudhan keessaa tokko Waaqayyoof deebisuu (kurnoo) ilaalchisee wabii macaafa qulqulluu keessaa isa jalqabaati. Yaaqoob waan argate hundumaa keessaa, kudhan keessaa tokko deebisee Waaqayyoo galchuuf murtoo godhe. Kurnoon kennaadha. Macaaa qulqulluu keessaa iddoon biraa, qabeenyaa ofii hundumaa keessaa kurnoo deebisuun akka ta'u insu. Shaakalli kurnoo deebisuu amma har'aatti darbee itti fufee jira. Waldaa Kiristiyaanaa keessatti fakkeenyummaa Yaaqoobiitu hordofama. Kudhan keessaa tokko galchuun qajeelfama dha. Kurnoo deebisuun wanti nuyi qabnu hundumtuu Gootaa biraa kan nuuf dhufe ta'uu isaa hubannaa akka qabaannu nutaasisa. Waan nuyi qabnuu fi jireenya keenyaaf waan nubarbaachisu hundumaa kan nuuf kennu Waaqayyoo dha.

### **Kutaa 2ffaa**

YAADA OFII BURQISIISUU(CALAQQISIISUU) Ammas altokko mee qo'annoo keenya addaan kunnee, yeroo xiqqoo fudhachhudhaan waan ta'aa jiru irratti yaada keenya calaqqisiisna. Yaaqoob mana eessuma isaa mana Laabaanitti baqachaa jira. Lubbuu isaa oolachuuf fiigaa jira. Karaa irratti halkan tokko urjoota jalatti dhagaa boraafatee bule. Abjuu abjooteera,garuu abjuun kun abjuu durii kan akkasumaan ta'e miti. Abjuun kun kan keessaan Waaqayyo dhufee kakuu isaa wanti Abrahaami fi Yisihaqiif kenname isaafis akka kennamu itti himee dha. Biyyi sun kan isaa fi kan sanyii isaa ta'a;akkasumas sanyiin isaa akka cirracha guutummaa biyya lafaa keessa tamsa'u. Hunda irra caalaa sabni biyya lafaa hundi karaa isaa fi karaa sanyii isaa eebbifamu. Yaaqoob Gooftaan achi jiraachuu isaa hubatee dhagaadhaan iddoo aarsaa tolchee zayitii itti naqee tajaajila qulqulluudhaaf adda baase. Yoo dhaa fi egaa dhaan Waaqayyoof waadaa

seenee,kakuu waan Waaqayyo isaaf kennu kudhan keessaa tokko deebisuuf itti dabale. Walumaa galatti,seenaan kun gabaabaatti kana fakkaata.

Kun Yaaqoobiif jalqabbii haaraa dha, iddoo jijjiiramaati. Yeroo kanaan duratti, Yaaqoob Waaqayyo isa kan abbaa isaa fudhatee turee? Isaaf Waaqayyo jechuun maal jechuu turee? Waan hundumaa? Dugumaan Waaqayyo iddoo kana jira. Yaaqoob in sodaate. Iddoon sun iddoo akkasumaan akka iddoo kamii akka hintaane, iddoo dinqisiisaa, waan biraa utuu hinta'in mana Waaqayyoo, balbala Waaqaa ta'uu hubate. Kanarraa kan hubatamuu danda'u, halkan gaafasii fi gana itta aanun jireenyi Yaaqoobitti adda fakkaatee itti mul'ate. Amma Yaaqoob Waaqayyoon qoruuf qophaa'eera.

Ani ajjeefamuuf sababa ta'eef sodaadheeraa ati na'eegi. Ani homaa hin qabuu uffaa fi nyaata naaf kenni. Mana kootii,maatii irraa,waan beekuufi kanan jaalladhu hundomaa dhisee baqachaan jira. Biyya(mana) kootti nagaadhaan na deebisi. Maa gaafiin akkasii gaaffachuuf ija jabummaa qabaachuun! jabummaan,war. Waaqayyoo waan Yaaqoob barbaade akka isaa godhu gaafachuu. Ani akka Yaaqoob, Waaqayyoon waan garaa kootii hunda gaafachuuf ija jabummaa qabaadhee beekaa? Yeroon akkasii yoom ta'aa laataa? \_\_\_\_\_

Amma yonaatti gaaffi akkasii gaafachuuf ija jabaummaa hinqabne ta'e , wanti laphee koorraa natti ulfaatee fi kanan akka Waaqayyoo jaalala isaafi eeggannoo isaa irratti naaf mirkaneessu barbaadu maalii? Akka Waaqayyo na eeguu fi akka inni Waaqa koo naaf ta'uu,mucaa isaa ta'uu koo barbaaduu isaaf ragaan ani ittiin mirkaneeffadu maalii? \_\_\_\_\_

Yaakoobis immoo Waaqayyoo akka Waaqa isaa isaaf ta'u, iddoon kunis balbala mana Waaqayyoo, akka sumas Waan Waaqayyo isaaf kennu keessaa kudhan keessaa tokko kennuuf murteessee kakuu galeera. Gooftaa isuma kanatu Waaqa keessanii? Kan fedha garaa keessanii huda isiniif kennu isa ta'uu isaa fudhattaniittuu? Yaaqoob firooma isaa kan Waaqayyoo

wajjini kurnoodhaan utuu dhugaa bahuu/raga kennuu of arge. Walitti dhufeenya yookaan firooma Waaqayyoo wajjin qabdanu ilaalchisee yeroo dhugaa baatanu akkamitti of ilaaltuu laataa? \_\_\_\_\_

---

KADHANNAA: Yaa waaqayyoo Gooftaa, Yaaqoobitti yeroo jiraanyi isaa gadi bu'e, itti mul'atte. Inni baqachaa ture. Inni kan abdi kutatee fi wantoota beeku hundumaa irraa kan fagaatee dha. Yeroo kuphummaa isaatti itti dhuftee isaa jiraachuu kee fii kakuu akaakayyuu isaa fi abbaa isaa tiif galte, akka isaafis kennitu itti himte. Ati hin jijjiiramne. Sagaleen kee hin jijjiiramne. Anaafis yeroo ani kophaa koo ta'u akka naaf dhuftu sikadhadha. Fedha garaa kootii ati in beekta. Waaqakoo naaf ta'uu keetii fi bara baraan muchaa kee nagodhachuu keetiif sin galateeffadha. Sababa ilma kee Iyyesuus Kiristoosiin, tokkumaa anaa fi sigidduu jiruu fi waa'ee kee akkan dhugaa bahutti ija jabummaa naaf kenni. Ati anaaf taate artummaa kee waan natti agarsiisteeff, anis arjummaa dhaan akkan sijajadhuu fi akkan sigalateeffadhu waan nadeensisteeff sin galateeffadha.

---

---

---

---

### **Kutaa 3ffaa**

SEENSA: Amma Yaaqoob lafa abjuu itti arge, Bet'elii bahee gara Kaaraan adeemuuf karaa irra bu'eera. Biyya saba warra ba'aa biifteuu ga'e. Bishaanni boollaa bakkee keessa keessa ture. Karri hoolotaa (bushaayee) sadii bukkee boolla bishaanii sana in ciisu turan. Boolli bishaanii kun hoolota kanaa bishaaniin soora. Dhagaan guddaan tokko afaan boolla bishaanii sanaatti qadaadamee jira. Yeroo hoolonni bishaan dhuguuf gara boolla bishaanichaatti walitti qabamanu, tikseen hoolotaa ammo dhagaa sana afaan boollichha irra gangalchee banaaf. Boolli bishaanii sun hoolota bishaan quubsa. Yeroo hoolonni dhuganii quufanii fixanu, tikseen hoolotaa dhagicha affan bishaan boollaa sanaatti deebisee qadaada.

ABBALTII: Seera Uumamaa 29:1-14 dubbisaaLakkoofsonni kun Laabaanii fi Liyaa wajjin wal nu barsiisu. Yaadadhaa, Laabaan obboleessa Ribqaa, eessuma Yaaqoobi dha.

SHAAKALA:Yaaqoob, tiksoota tokko tokkoo wajjin dubbachuu jalqabe.

1. Lakkoofs 4 keessatti Yaaqoob maal hubatee (beekee)?

---

2. Itti fufee lakkoofsa 5 keessatti maal gaafataa?

---

3. Lakkoofsa 6 keessatti Laabaan nagaa ta'uu isaa bare, akkasumas waa'ee intala Laabaan,waa'ee Raaheel dhagaha. Lakkoosa 7 keessatti Yaaqoob, hoolonni achi jiranu sun bishaan dhuganii gara margaatti bobba'uu akka qabanu agarsiisa. Rakkoon lakkoofs 8 keessaa maalii?

---

4. Raaheel hoolota abbaa ishee fiddee gara boolla bishaanichaa dhufte. Raaheel \_\_\_\_\_ dha.

5. Yaaqoob yeroo Raaheliin arge maal godhee(Lakkoofa 10)?

---

---

6. Lakkoofsota 11 fi 12 keessatti Yaaqoob eenyu akka ta'e Raahelitti hime; isheenis abbaa isheetti himuuf gama manaatti in fiigde. Yeroo oduu waa'ee Yaaqood dhaga'e, Laabaan maal godhee(Lakkoofsa 13)? \_\_\_\_\_

---

7. Ega Yaaqoob waan ta'e hundumaa isatti himee booda, deebiin Laabaan maal turee.

Armaan gaditti barreessaa.(Lakkofasa

14)? \_\_\_\_\_

---

---

## **Kutaa 4ffaa**

BARSIISA: Wantoonni kun dundi erga jireenyaa isaa keessatti raawwatamanii booda, Yaaqoob iddoo itti baqatu(dhokatu) argate. ”Maatiin haadha isaatii, kan inni kanaan dura argee hinbeekne, jettoota, “Ati dhugumaan dhiiga kooti,foon kootis “ jedhuun ofitti simatanii , miseensa maatii Laabaan isa taasisaniiru. Garuu Yaaqoob,digaa fi foon Laabaan ta’uun isaa maal jechuu akka ta’e hubachuuf jira. Amalli maatii sanaa ulfaataa ture.

ABBALTII: Seera Uumamaa 29:14-30 dubbisaa. Jecha amala maatii Laabaanii fi Ribqaa fakkaatu tokko kitaa kana keessa jala muraa. Jechi sun maalii?

---

SHAAKALA: Seera Uumamaa 29:14 keessatti, Laabaanii fi Yaaqoob waa’ee dhimma miindaa maryachuu jalqabani.

1. Amma egaa Yaaqoob Laabaan wajjin ji’a tokko jiraateera. Laabaan immoo Yaaqoob waan fira isaatii ta’e qofaaf mindaa malee hojjechuufii qaba yaada jedhu hin qabu. Lakkoofs 15 keessatti Laabaan maal gaafataa? \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
2. Lakkoofsa 16 fi 17 keessatti waa’ee intaloota Laabaan baranna. Intalli isheen angafaa \_\_\_\_\_,isheen quxisuun immoo \_\_\_\_\_ jedhamti.
  - a. Liyaan akkamitti ibsamtee? \_\_\_\_\_
  - b. Raahel akkamiin ibsamtee? \_\_\_\_\_
3. Lakkoofsi 18 Yaaqoob Raaheliin jaal’ate jedhee nutti hima. Mindaa ilaalchisee yaadni yookaan karoorri Yaaqoob ,Laabaaniif dhi’eesse maal turee? \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
4. Laabaan, Raahel nama kan biraatiif kennamuu ishee irraa Yaaqoobiif kennamuu ishee wayya jedhee amanuudhaan yaada dhi’aatetti walii gale. Lakkoofsa 20 keessatti,

Yaaqoob, Raahel akka isheen haadha manaa isaatii ta'uuf jirtu keekuudhaan, tajaajila Laabaniif kenna jiru akkamitti ilaalee?

---

5. Yeroo waggoonni \_\_\_\_\_ xumuramanu, Yaaqoob gara Laabaan dhaqee, amma egaa yeroon dhaabaa isaa akka xumure itti himee, haadha manaa isaatii(Raahel) bira ga'uu akka barbaadu itti hime. Laabaan yaada kanatti walii galuudhaan kabaje. Maal godhee(Lakkoofsa 22)?
- 
- 

6. Garuu seenaan kun waliin dhahamaa-rakkisaa ta'a. Lakkoofsa 23 keessatti Laabaan maal gohaa? \_\_\_\_\_
- 
- 

Amma egaa Liyaan hadha manaa Yaaqoobi. Laabaan, Liyaadhaaf xomboree maqaan isheetii \_\_\_\_\_ jedhamu kenneef.

Yeroo bari'e, dhugaan in saaxilame(in beekame). Liyaan bukkee isaa ciisti. Yaakoobis gara Laabaan deeme. Lakkofsa 25 keessatti Yaaqoob, Laabaaniin maal gaafatee? \_\_\_\_\_ Yaaqoob Laabaaniin akkas jedhe, "Kan ani si tajaajile Raaheliif, mitii ree? Amma egaa gaaffii dhugaa haalaa sana keessa jiru saaxilutu dhufa. \_\_\_\_\_"

7. Laabaan erga Yaaqoobiin gowwomsee booda, lakkoofsa 26 keessatti maal itti himee?
- 
- 

Aadaan biyya sanaa dura ishee angafaatu kennamuu qabaa jedha. Laabaan, erga inni dabalee waggoota torbaaf isa tajaajilee booda Yaaqoobitti Raaheliin heerumsiisuuf walii gale. Lakkofsi 28 akas jedha, " Yaaqoobis akka inni jedhe in godhe" Yaaqoob turban misirrumaa isaatii Liyaa wajjin xumuree isa booda Raaheliin haadha mana isaa godhee fuudhe. Itti dabalun, Laabaan xomboree isaa \_\_\_\_\_, intala isaa Raaheliif xomboree akka taatuuf in kenneef(Lakkoofsa 29).



Lakkoofsi 30, waa'ee walitti dhufeenya yookaan jaalala Yaaqoob haadham manaa isaatii lamaan waliin qabuu nutti hima. Yaaqoob maatii ijoolle isaanii wal caalchisani jaallatanu giduutti guddate. Amma ammo mana ofii isaatii keessatti haadha mana ishee tokko, isheen kaan irra caalchisee jaallachaa jiraata. Yaaqoob, Laabaaniif waqoota \_\_\_\_\_ dabalee hojjete.

YAADA OFII CALAQQISIISUU(IBSUU) : Iddoo kanatti yaada baay'ee kan nuyi irratti xiyyeeffachuu qabnutu sammuu keenyatti dhufa.

1. Yaadni inni tokko Liyaa, dubartii ishee abbaan ishee namichaan isa amma abbaa manaa ishee ta'e gowwomsuuf itti fayyadame, kan garuu isheen hin jaallanne, giddu galeessa godhata. Dursitee utuu Liyaa ta'uun argameera ta'ee maaltu ta'a turee laataa? Isheen miidhagduu hin turre. Maccaafni qulqulluun isheen nama ija lasii turte jedha. Isheen angafaa fi kan hin heerumne turte. Obboleettiin isheetii Raahel, kan barbaadamaa turte ta'uun ishee ifaa dha. Liyaan aadaa biyya isheetii beekti. Yeroo waggoota torbaaf Yaaqoob abbaa isheetiif hojjechaa ture sanatti, aka abbaan ishee haxxummaadhaan gowwomsee, Yaaqoobitti ishee heerumsiisuuf jiru beekti turtee laataa? Akka heerumaan isaaf kennamtuu fi soda yeroo mu'attu Yaaqoobiif sababa gaddaa isa guddaa fi gaabbii ta'uuf akka jirtu beekti turtee laataa?
2. Mee si'a tokko, akka gaazzeessaatti of yaadaatii, Liyaa gaaffii gaafachuu akka ramadamtanutti yaadaa. Gaaffiin isin ishee gaafachuu barbaaddanu maalii? Gaaffiin baay'ee barbaachisaan kan waan uumame hunda ilaalchisee dubbistoota keessaniif hubannaa kennu maal ta'uu danda'a ture laataa? Liyaan qaama mare haxxumma(gowwomsaa) sanaa turtee? Isheen nama qulqulluu waan hin beeknetti midhamtee dhaa? Bifaa fi maal akka fakkaatanuun namaa gadi ta'anii argamuun maal fakkaataa (maal namatti dhageessisaa) laataa? Yeroo hundumaa si'a obboleettii keessan ishee quxisuu yookaan obboleessa keessan isa angafaa waliin madaalamtanu maaltu isinitti dhagahamaa? Mee yeroo muraasaa fudhadhaatii gaaffi afanii kan Liyaa gaafattanu armaan gaditti barreessaa.

---

---

---

---

---

---

**Kutaa 5ffaa**

HOJII IRRA OOLCHUU

1. Tarii muuxannoo beekamtii argachuuf dorgommii keessa hirmaattan qabdu ta'a. Dorgomaan keessan eenyu turee? Akka isin nama sanaa gadi gootanii of ilaaltuu kan isin taasise, want namichi sun qabu maali turee? \_\_\_\_\_
2. Wanti isin yeroo hundumaa qabbachuu hawwitanu, kan isin namoota kan biraa biratti baay'ee barbaachisaa nu taasisa jettani amantanu maalii? \_\_\_\_\_
3. Namoonni kan biraa akkamitti isin ilaalu? Muuxannoon isin qabdanu maalii? \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
4. Akkataa namoonni kan biraa ittiin isin ilaalanu(ittiin isin simatanu), kun miira keessan akka jijjiiruuf akkamiin eenyamtaniif. \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo , Gooftaa namoota kaanii gaditti ofii koo ilaalu koo irraa kana ka'e , keessa koo keessatti miidhama/dukkubbii uumame ati beekta. Namoonni kan biraa miidhagna, dandeettii hundumaa, beekumsa hundumaa, namummaa akka isaan barbaadamtootaa fi kan nama hawwatanu ta'anu isaan taasisu waan qabanu fakkaatu. Eenymmaa ati naaf kenniteen akkan sigalateeffachuu danda'u na dandeessisi. Na jaallachuu keetii fi amanannummaa kee hundumaan na'eebisuu keetiif singalateeffadha. \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

---

YAADA OFFII IBSUU (CALAQQISIISUU): Yaadni ilaaluu inni kan biraa Yaaqoobiin wal-qabata. Xummura gowwomsamuu irra jira ture. Inni fi Laabaan walii-galtee tokko qabu. Raaheliin haadha manaa isaa godhatee fuuchuuuf, waggoota torbaaf Laabaaniif hojjechuuf walii galee, akkuma jedhe godhe. Amma egaa yeroon dhumeera; Yaaqoobis Raaheliin gara dukaana isheetti fudhatee ishee bira gahuuf qophaa'eera. Aguuggiinii fi dukkanni, akka Laabaan gowwomsaa isaa raawwatu taasise, garuu yeroo ifni ganamaa dhufu dhugaan in mul'ate. Mee yeroo dhugaa yeroo snatti ture

Yeroo iji namaa dhugaadhaaf banamu maaltu ta'aa? Addaamii fi Heewaan bira bakka iddoo dhaaba jennata eden sana deemuu dandeenya yeroo inni seeraa Uumamaa 3:7 keessatti iji isaan lachuu in baname jedhu ilaalla. Gowwummaa akkamitu namatti dhagahamaa! Saaxilamtootaa fi dadhaboota ta'uu keenyaa fi kan nama tokkoon salphaatti gowwomsamuu dandeenyu ta'uu keenyatu nutti dhagahama. Akkamittan akkasi nama hubannaa hin qabne ta'ee an, jennee of gaafachuu jalqabna. Cubbuun dadhaboota ta'uu keenya waan nu hubachiiseef, kan nu gowwomsu hundumaa irraa of eeguuf yaalii hundumaa in goona. Akkuma kanas, nutis akkuma Yaaqoob waan dhugaa ta'e dhiisnee, waan dhugaadha jennee amanne irratti xiyyeeffanna.

#### DHUUNFAADHAAN(JIREENYA OFIITIIN) HOJII IRRA OOLCHUU

1. Namni isin amantanu tokko isin gowwomsee beekaa?Namni sun eenyu? Haalonni inni yookaan isheen keessatti isin gane/gante maal turee?
2. Gowwomsaan akkuma Esaawuu akka nuyi haaloo qabannu nu godha. Gowwomsamuu keessa dabartaniif deebiin keessan maal turee?\_\_\_\_\_
3. Gowwomsamuun isin irra gahe akka haaloo qabattanu isin godheera yoo ta'e, Gooftaan ba'aa isa gadi isin qabe kana irraa furamtanii jireenya guutuu fi birmadummaa qabu akka jiraattanu isin affeera. Ba'aa keessan gateettii keessan irraa fuudhee akka isiniif baatu Gooftaaf eeyyaamuu affeeramtu.

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo, ani yeroo baay'ee kanan gowwomsamuu fi dhugaa sagalee amanuu dhiisee , soba kan isan hamaa sanaa amaneera. Beeksisa dogoggoraatiin, agarsiisa meeshaa fi tajaajila dogoggoraa ta'een, akkasumas geggeessitootaan, miseensota maatii, fi hiryootaan gowwosameera. Yeroo tokko tokko immoo ani mataa kootiin waan soba ta'ee fi wwanta dhugaan keessa hinjirra amanuudhaan of gowwomseera. Cubbuu kana naaf dhisi. Ani jireenya dhugaa ta'e jiraachuun barbaadaa. Dhugaa beekuun barbaada. Iyyesuusiin isa karaa, dhugaa fi jireenya ta'e beekuu fi amanuun barbaada.

---

---

---

BARNOOTA SHANAFFAA

**INNIS LIYAA IRRA  
CAALAA RAAHELIIN  
JAALLATE**

**SEERA UUMAMAA 29,30-DHALACHUU IJOOLLEE YAAQOOB**

---

---

**AGARSIISA BARNOOTA 5FFAA**

<b>Agarsiisa qabbiyyee</b>	45
Seensa	46
Barumsa 5ffaa Seera Uumamaa 29,30	
• Yaaqoobii fi Liyaaf ilmi dhalate	47
• Innaaffaa Raahelii fi kophummaa Liyaa	49
• Raahel dhabduu taa'uu ishee	50
• Raahel ilma tokko da'uu ishee	51
• Sodaachuu inaaffaa	52

***INNI LIYAA CAALAA RAAHELIIN JAL'ATE***

---

---

## SEENSA

Amma egaa Yaaqoob ijoollee eessumaa isaatii ijoollee Laabaan, Raahelii fi Liyaa fuudheera Kutaa barnootaa 4 keessatti, gowwomsaan obboleettota kana lamaan irratti madaa bara baraan hindagatamne uumeera. Kana irraa kan ka'e firooma gidduutti rakkina baay'ee hedduutu maatii kana keessatti uumame. Barumsi kun amala Yaaqoob, akkasumas amala yeroo inni guddachaa ture jireenya maatii isaa, Yisihaqii fi Ribqaa , didduu ture agarsiisa. Miidha amalli kun firooma/walitti dhufeenya maatii kanaa irratti fide hubadhaa. Amalli kun Yaaqoobii fi haadha manoota isaa lamaan gidduutti, akkasumas obboleettota kana didduutti rakkoo uumeera. Amalli kun akkamiin akka inni maatii Yaaqoob gidduutti of mul'ise hubadhaa.

Yaaqoob ijoollee dhiiraa baay'eedhaan eebbifameera. Maqaa ijoollota dhiiraa kana Liyaa fi Raaheltu moggaase. Maqaan ijoollonni kun itti moggaafaman garaa haadhoolii kanaa agarsiisa. Waaggoota ijoollota kana dha'aa turan keessaatti haadhoolii kana irra waan ga'aa ture hubadha. Tarii irra deebitanii gaaffii, “Yeroo kana hundumaa Waaqayyo eessa jira turee?” jedhu gaafattuu laataa?

Seenaan kun yaada dhuunfaa keenyaa akka calaqqisiisnuuf carraa nuu kenna. Fakkeenyaaf-taatota kana keessaa eenyuun ta'uu barbaaddu turtanii? Maaliif? Liyaa ta'uun maal fakkata turee laataa? Raahel ta'uun hoo? Bakka isaanii of keessanii yaaddanii beektuu? Maqaan isaanii, karaa isaan ittiin of hubatanu irratti dhiibbaa qabaa? Barbaachisummaan maqaa keessanii isiniif maalii?

Waaqayyo kakuu isaa eeguu akka inni itti fufe yaadadhaa – kakuun Waaqayyo Abrahaamiif gale Yisihaqitti darbe, amma ammo itti fufee Yaaqoobitti darbe. Maati kana keessatti wanti fedhe ta'u illee, kakuun Waaqayyoo amma illee cimee dhaabbate Yeroo barnoota 5ffaa kana qo'attanu keessatti amanamummaa Waaqayyoo akka hubattanuu fi abdiin keessan Waaqayyo irra akka ta'u Gooftaan isiniin hagargaaru.

***INNI LIYAA IRRA CAALCHISEE RAAHELIIN JAALLATE***

## **Kutaa 1ffaa**

SEENSA: Amma eгаа Yaaqoob fuudheera. Liyaa fi Raahel haadha manootii isaati. Raaheeli quxisuu fi obboleettii ishee baay'ee midhagduu dha. Yaaqoob Liyaa irra caalcisee Raaheliin\_\_\_\_\_ nutti himameera. Ishee tokko isheen kaan irra caalchisuun kun immoo obboleettota lamaan gidduutti dorgommii fi inaaffaa uumee. Laabaan ijoollee isaa durbootaa lamaaniiifuu xomboree kenneera. Xomboreen Liyaa \_\_\_\_\_ jedhamti; kan Raaheli immoo \_\_\_\_\_ jedhamti.

Maqaa ijoollee dhiirotaa Yaaqoobii wajjin akka wal bartanu isin jajjabeessina, abboota(Hojii Ergamootaa 7:9). Waa'ee isaanii barachuun baay'ee barbaachisaa dha. Maqaan ijoollee kanaa tokko tokko haaraa isinitti ta'uu danda'a; maqoonni jarri kaan garuu kanuma isin har'as beektanuudha. Gara fuulduraatti akka wabiitti akka itti gargaaramuu dandeessanutti, tokkoon tokkoon ilmaan kanaa ilaalchisee dabtara keessan irratti yaadannoo dhuunfaa keessanii qabadhaa. Kutaa Macaafa qulqulluu kan biraa keessatti ijoollonni dhiiraa kunii fi maatiin isaanii akka qomootti ibsamaniiru. Walii isaanii wajjin qomoo Israa'el kudha lamaan jedhamanii beekamu.

ABBALTII: Seera Uumamaa 29:31 hanga Seera Uumaan30:24 dubbisaa. Yeroo dubbistanu maqaa ijoollota dhiiraa Yaaqoobiif dhalatanii jala muraa.

BARSIISA: Aadaa bara sanaa keessatti gadameessi bananaan dubratiin sun kan eebbifamte ta'uu ishee agarsiisa ture. Dubartiin dhabduun garuu hawaasa sana keessa jiraattuu in tuffatamti. Kun Waa'ee Saaraa fi Ribqaa nu yaadachiisa. Dubartoonni kun lachuu dhabduu turani(Seera Uumaa 16:1;Seera Uumamaa 25:21). Ammas Seera Uumamaa 29:31, keessatti waa'ee gadameessa banamaa fi waa'ee dubartii dhabduu baranna.

Qaamni aadaa namootaa asiif achi adeemanu kanaa iini kan biraa inni hubatamuu qabu waa'ee xomboreeti. Kanaan dura Seera Uumamaa 16:3-4 keessatti Saaraan dhabduu waan turteef,

Xomboree ishee Aggaariin akka isheen haadha manaa isaa taatuufitti Abrahaamif akka kennite baranneerra. Abrahaam Aggaarii wajjin ciise; isheenis in ulfoofte. Xomboreewwan Zalaafaa fi Baalaan haadha manaa ta’anii Yaaqobiif kennamani(Seera Uumamaa 30:4,9) Innis lamaan isaanii wajjin ciisee;isaanis in ulfaa’ani. Dhiirri tokko dubartii tokkoo wajjin yeroo ciisu akka isheen haadha manaa(niitii) namicha taatu, macaafni qulqulluun akka nu barsiisu hubachuun baay’ee barbaachisaa dha. Gochi quunnamtii saalaa dhiirrii sunii fi dubartiin kan tokkommaa isaanii keessatti hirmaatanuu dha. Saal-quunnamtiin dhirsaa fi niitii gidduu, gocha abbaan manaa fi haati manaa foon tokko ta’uu isaanii agarsiisuu dha(Seera Uumamaa 2:24).

**SHAAKALA:**Lakoofsota hedduu armaan gadii irratti yeroo hojjetanu gabatee armaan gadii kana guutaa. Yaadannoon gara gajjallaatti kenname in gargaara. Maqaa haadhaa,maqaa ilma isheetii fi hiika maqichaa addaan baasaa. Hiika maqaa ijoollotaa irraa akka hubatamutti, qoccolloo yookaan falmii haadha manootii Yaaqoob gidduu ture.

<b>Maqaa haadhaa</b>	<b>Maqaa Ilmaa</b>	<b>Hiika isaa</b>

1. Lakkoosa 31 keessatti abbaan mana isheetii akka isheen hin jaallane argee .Waaqyyo gadameessa Liyaa, Waa’ee Raahel maal barannaa?
-



2. Lakkoofsa 32 keessatti Liyaan Ilma Yaaqoob isa angafa deesse. Maqaan isaatii eenyuu dhaa? Hiikni maqaa isaatii maalii?(gabatee armaan olii keessatti guutaa) Jechi tokko kan haala Liyaan jireenya ofii isheetii ittiin hubatte maalii? \_\_\_\_\_  
Fedhiin(dheebuu) ishee inni tokko maal turee? \_\_\_\_\_
3. Lakkoofsa 31 keessatti ammas Liyaan lammaffaa ulfoofte. Maqaan ilma isa kanaa eenyuu,hiikni maqaa isaatii hoo maalii? (gabaticha keessatti barreessaa). Wanti Liyaan amante, kan dhugaa ture sun  
maalii? \_\_\_\_\_  
Akka Gooftaan iyya ishee dhaga'ee Ilma kan biraatiin ishee eebbise Liyaan beekti turte. Maaliifii? \_\_\_\_\_ Itti fufee sababa booy'icha garaa isheetii isa hadhaawaa kan isheetti ta'e maalii? \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

### **Kutaa 2ffaa**

#### SHAAKALLI ITTUMA FUFA:

1. Lakkoofsa 34 keessatti ilmi Liyaa inni sadaffaan akka dhalate dubbisna. Waqaan isaa eenyuu dhaa? Hiikni maqaa sanaa hoo? ( gabatee/chaartii keessatti guutaa). Amma egaa in ta'a jettee kan Liyaan amanaa turte maalii?  
\_\_\_\_\_  
  - a. Liyaan abbaa manaa isheetii waliin tokko ta'uu baay'ee barbaaddi turte. Tarii akka xomboreetti akka isheen of ilaaltetti akka nuti yaadnu kan nu taasisu maalii? \_\_\_\_\_
  - b. Waa'ee miidhamuu(dhukkuba) Liyaa ilaalchisee lokkoofsi kun hubannaa maalii kennaa? \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
2. Lakkoofsi 35 ammas ulfooftee mucaa dhiira da'uu ishee nutti hima. Maqaan isaatii fi hiikni maqaaisaatii maalii? Liyaan iddoo jiraachuudhaaf gaarii ta'etti akka dhuftetti

yaaddeetti. Kanaab booda waa'ee wantoota ofi harkaa hin ;wantoonni kunis , qabaanneef qoccolloo hin dhaqtu. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_ Kana gochuu irra,mucaan dhiiraa inni afuraffaa dhalate , akka carraatti ilaalte. Lakkoofsi 35 gara xumuraatti irratti, maal jedhaa?

3. Amma Seera Uumamaa 30:1 keessatti , Raahelin irratti maaltu ta'aa jiraa?

a. Raahel \_\_\_\_\_ obboleetti isheetii taateetti.

b. Inaaffaan soda bakka buufamuuti. Hiikni inaaffaa kun akkamiin haala Raahel keessa \_\_\_\_\_ jiru agarsiisaa? \_\_\_\_\_

c. Yaaqoob irraa maal barbaaddii?

d. Deebii ariidhaan deebisu keessatti akka inni nuffe ifaa dha. \_\_\_\_\_

Akkuma Saaraa (Seera Uumamaa 16:2),Yaaqoobis Waaqayyo dhala ishee dhowwateera jedhee amane(Seera Uumamaa 30:2)

e. Raahel \_\_\_\_\_ Yaaqoobitt \_\_\_\_\_ maal \_\_\_\_\_ jettee(Lakkoofsa 3)? \_\_\_\_\_

Raahel akka dubartii inaafuu sodaadhaan jiraachaa jirti. Sodaan ishees,jaalalli Yaaqoob isheef qabu keessaa bade inni immoo obboleettii isheeti Liyaa kan ijoollee dhiiraa afur isaaf deessetti garagara jettee sodaatti. Jaalalaa fi kuniinsa isa irraa qabdu turtetti abdi kutatteetti.

f. Seera Uumamaa 30:4-6 keessatti akka nutti himametti,Raahel xomboree isheetii Bilhaa akka isheen haadha manaa isaaf taatuutti Yaaqoobiif kenniteetti;Yaaqoobis ishee bira ga'eera. Bilhaanis ulfoofteef mucaa dhiiraa deesseef. Maqaan mucichaa eenyuu? Hiikni maqaa isaatiiwoo maalii?

Mucicha eenytu maqaa moggaasee? \_\_\_\_\_

- g. Qanii dubartii dhabduutti maxxansamu yaadachaa, Raahel maaliif maqaa kana filattee? \_\_\_\_\_ Isheen dhiifama argachuu(qullaa'uu isheetii) amanti . Waaqayyo ilma isheef kenneera. Kana booda ishee akka nama waan hamaa godhee,dheekkamsi Waaqayyoo isa irratti ta'uutti hin lakkaa'amu. Amma isheen mudaa jalaa bilisa.

### **Kutaa 3ffaa**

SHAAKALLI ITTI FUFU: (Seera Uumamaa 30)

4. Bilhaan ammas lammaffaa in ulfoofte(Lakkoofsa 7-8). Maqaan mucichaaf hiikni maqaa isaatii maalii? Ammas Raahel mucichaaf maqaa moggaaste. Maqaan isaatii Waa'ee Raahel \_\_\_\_\_ maal \_\_\_\_\_ mul'isaa?

\_\_\_\_\_

Inaaffaan Raahel, obboleetti ishee waliin dorgomtuu ishee taasise. Sababni isaas isheen amma karaa xomboree isheetii haadha ijoollee dhiiraa lamaa taateetti; Raahel moo'attuu ta'uu isheetii labsite.

5. Lakkoofsa 9-11: Liyaan garaan ishee akka dhaabate yommuu argite,Zilfaa xomboree ishee fuutee akka haadah manaatti Yaaqoobiif in kennite. Zilfaanis Yaaqoobiif ilma deessee. Maqaan mucichaa fi hiikni maqaa isaa maalii? Liyaan mucaa kan biraa Yaaqoobiif waan kenniteef guddaa gammadde. Want tokko jijjiirameera. Hiikni maqaa mucaa kanaa maal jechuu dhaa? Ilaalchi Liyaa jijjiirama maalii calaqqisiisaa?

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

6. Zilfaan Yaaqoobiif ilma kan biraa deesse. Maqaan mucichaa fi hiikni maqaa isaa maayinnii? Amma Liyaan namoota hawaasaa ishee keessa jiraatanutti ilaalcha akkamii calaqqisiisaa jirtii? \_\_\_\_\_.
- Amma namni kammi illee Liyaadhaan, jaalala Yaaqoob irraa hin argatin Gooftaan isheef kenne yaada jedhu qabaata. \_\_\_\_\_.
- Amma Liyaan \_\_\_\_\_ irra

\_\_\_\_\_ akka calaqqisiiste hiryoonna in hubatu. Gaddi yeroo tokko maatii fi hiryoota achi dhiibee, amma gammachuu warra kaan haammatuu fi hawwatuun bakka bu'eera.

7. Amma egaa wanti obboleettota kana gidduu,xomboreewwan isaanii fi Yaaqoob gidduu ture nagaa fi gaarii akka ta'e amanna. Lakkoofsi 14-16, ilmi Liyaa ija mukaa “ Hawwa jaalaa kaasa” jedhamee beekamu akka argatee haadha isaatti fide nutti hima. *Hubachiisa: Mukti Hawwa jaalalaa kaasa jedhamee beekamu kun, madaa, iitaa fi kan kana fakkaatanu fayisuudhaan beekama. Biqiltuun(mukti)sun “ aapplii(kuduraa) seexanaa” jedhamee beekamu iyyuu da'uu yookaan ulfaa'uu nama dandeessisa jedhamat ture.*

Sana booda Raahel ijaa mukaa sana akka kennituuf Liyaa gaafatte. Asi irratti amaa illee qoccooloon obboleettota lamaan gidduu jiru akka hinxumuramne beekna. Lakkoofsa 15 keessatti deebiin Liyaan Raaheliif deebiste maalii?\_\_\_\_\_

Dhuma irratti Liyaan ija mukaa isa ilmi ishee fideef sana Raaheliif kennittee, bakka isaa halkan sana Yaaqoob waliin ciiste.

8. Lakkoofsa 17-18 keessatti Waaqayyo akka Liyaa dhagahee fi akka isheen ilma shanaffaa deesse baranna. Maqaan mucichaa eenyuu? Hiikni maqaa mucaa kanaa maal jechuu dhaa? Liyaan maaltu akka ishedhaaf ta'utti yaaddii?\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_ Badhaasni namoota argachuu qabanuu fi namoota isaaniif maleef kennama.

Ammaa Zilfaan akkuma Bilhaa ilma lama Yaaqoobiif waan deesseef, Liyaatti maaltu itti dhagahamaa?

9. Liyaan ilma ja'affaa deesse(Lakkoofsa 19-20). Gabatee maqaa isaa fi hiika maqaa isaa agarsiisu kaasaa. Amma egaa Yaaqoob ilaan dhiiraa kudhan qaba! .Liyaa isa kana akka kennaa addaa (gati jabeessaatti) ilaalte. Kanaan booda Liyaan abbaa manaa ishee irraa jaalala barbaaduutti hin rakkatu. Amma abbaan manaa ishee akkamitti akka ishee qabu irraa eegaa jirtii?

Liyaan ilmaan dhiira ja'a waan isaaf deesseef, Yaaqoob irraa galannii fi kabajaan akka isheef ta'u amante.

YAADA CALAQQISIISUU :Mee yeroo fudhaatii yaada keessan kessaa muraasa ilaalaa.

Obboleettota kana gidduu fi abba mana isaanii gidduutti maaltu ta'aa jiraa. Haala akkasii keessa jiraachuun maal fakkaata turee laataa? \_\_\_\_\_

---

### **Kutaa 4ffaa**

SHAAKALLI ITTI FUFU: (Seera Uumamaa 30)

10. Lakkoofsi 21 , Liyaan yeroo muraasa boodde mucaa durbaa, maqaan ishee Dhinee jedhamu, akka deesse nutti hima. Kun sababa seenaa, Seera Uumamaa 34 keessatti raawwatameef galmeeffame. Kutaa kana hin qo'annu; isin garuu ofii keessaniif dubbifachuu dandeessu.
11. Egaa waa'een Raahel hoo? Lakkoofs 21 keessatti, salphaadhummati, Waaqayyo Raaheliin yaadate jedha. Waaqayyo ishee dha'ee gadameessa ishee bane. Maqaan ilma ishee eenyuu? Hiikni maqaa kanaa maal jechuu dhaa? DHuma irratti Raahel in ulfoofte. Waaqayyo Gooftaan salphina ishee irraa kaase. Itti fuftee battaluma sana maal kadhattee? \_\_\_\_\_
12. Qoqonnaan 29 fi 30 galmee ijoollee Yaaqoob kudhatokkoo agarsiisa;amma garuu ilmi tokko dabalamee dhalachuuf jedha. Waa'ee ilma isa kanaa baruuf, Seer Uumamaa 35:16-20 baafanna.
  - a. Yaaqoob maatii isaa Bet'el bakka abjuu itti argee fi bakka Waaqayyo kakuu isa Abrahaamii fi Yisihaaqqiif gale itti haarsesse deemeera. Bet'eli ka'anii in adeeman; biyya Efraataa(Magaalaa Betelihem) irraa fagoo hinjiranu. Lakkoofsa 16 keessatti maaltu ta'aa?  
\_\_\_\_\_
  - b. Lakkoofsa 17 keessatti deessistuun ammas akka isheen ilma deessu Raahelitti himte. Raahel ilma ishee Beni-omi jettee moggaaste,garuu abbaaan isaa maqaa maal jedhu isaaf kenne? Hiikni maqaa kanaa maal jechuu dhaa? Gooftaan Raaheliif kadhannaa ishee dhagahee, ilma kan biraa isheedhaaf kenne(Seera Uumamaa 30:34). Kana booda Raahel da'umsa irratti duute. Yaaqoob Raaheliin akka harka isaa mirgaatti ilaala ture; ishee baay'ee jaallatu sana egaa amma awwaaluuf ka'e.

2. Raahel utuu Yaaqoob gara mana abbaa isaatti hindeebi'in duute (Lakkoofsa 21).

Lakkoofsi 28, Yisihaaq yeroo du'e nama waggaa 180 akka ture nutti hima. Ijjoollota isaa

\_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ isa

awwaale(Lakkoofsa 29)

YAADA OFII CALAQQISIISUUe: Ammas irra d ebi'ee, yeroo kutaan Seera Uumamaa qun qo'atamu yaada baay'eeetu gara sammuu namaa dhufa. Ilaalchi dhuunfaa, gaaffii fi yaadni hundumtuu mareedhaa fi qo'annoo itti fufuuf carraa bal'aa kenna. Gaaffiin tokko tokko akka deebii hinqabne yaadatti qabadhaa. Dhugaa Waaqayyoo kan namummaadhaan walitti ittiin fidnu dandeenyu, sagalee Waaqayyoo isa barreeffame qofa qabna. Wanti barnoota kana keessatti ilaalle hundumtuu qo'annoo keenyaaf barbaachisaadha jechuu miti; garuu oddeeffannoo fi beekumsa bal'aa yoo arganne, waa'ee eenymmaa Waaqayyoo fi fedha inni akka namni hundumtuu isaa wajjin jaalaa fi araaraan bara baraan jiraatu gadi fageenyaan hubbachuuf nu gargaara.

1. Yeroo fudhaatii seenaa kana irratti yaada calaqqisiistanu barreessaa. Taatota adda addaa as keessa jiranu gaaffii akkamii gaafachuu barbaadduu?

a. Yaaqoob: \_\_\_\_\_

b. Liyaa: \_\_\_\_\_

c. Zilfaa: \_\_\_\_\_

d. Raahel: \_\_\_\_\_

e. Bilhaa: \_\_\_\_\_

2. Muuxannoon jireenya dhuunfaa miira cimaafi yaada nama keessaa kaasuu danda'a.

Seenaa Seera Uumamaa 29-30 keessatti galmeeffame kana yeroo qo'attanu, wantoota yaada keessanitti dhufany nuraasa mee ilaalaa.

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

Seenaan Abrahaamiin, Yisihaaqiin, akkasumas Yaaqoobiin walqabate jelqaba, jalqaba seenaa Israa’el. Seenaan namoota Waaqayyoo jaalala isaatiin eebbiisee kun, kakuun Waaqayyoo Seera Uumamaa 12 keessatti gale akka inni raawwatu nuuf mirkaneessa. Guutummaa seenaa Israa’el keessatti Waaqayyoo saba lafa irra hunda karaa saba kanaa eebbisuuf kakuu gale isaa eegu argina.

**Kutaa 5ffaa:** BARSIIISA: Seera Uumamaa 30:1 keessatti, Raahel akka isheen obboleettii isheetti inaaffaa turte baranneerra, garuu Raaheli immoo ishee jaalala Yaaqoob qabdu turte. Seera Uumamaa 29:30 keessatti Yaaqoob Liyaa caalaa Raaheliin jaallate jedha. Raahel maaliif obboleettii ishee, Liyaa, kan abbaan manaa isaan walii wajjin qabanu hin jaallannetti inaaftee? Raahel ijoollee da’uu danda’uu obboleetti isheetti maaliif inaaftee? Waan hunda caalaa, isheen kan Yaaqoob baay’ee jaallatu hinturree?

Yaadadhaa, inaaffaan soda bakka buufamuu(waan tokkoon/nama biraatiin jijjiiramuu) ti. Sodaan Raahel, Yaaqoob ishee irra caalchisee Liyaa jaallachuu danda’a yaada jedhu qabaachuu ishee irraa burqe. Raahel iddoo isheen garaa Yaaqoob keessa qabdu Liyaan akka duraa hinfudhanne sodaatte; laphee yaaqoob keessaa iddoon kan ishee ta’e Liyaan akka hin fudhanne sodaatte. Inaaffaan soda keessa waan’uureffatuuf, walitti dhufeenya diiga. Sodaa irraa kan ka’e yeroo waa goonu, yaadni keenya faalamee, akka nama sammun isaa sirriitti hin hojjennee taana. Raahel sababiin isheen sodaatteef, Liyaan ijoollota dhiiraa kana ja’aan Yaaqoobiif Jireenya keessan keessatti inaaffaan isin quunnamee beektuu? Namoota kanaan walqabataniif fi haalli sun akkam akka ture yaadahdaa.

---

1. Sodaan ture maaliif? Sodaan dhaalamuu akkamiin of mul’isaa turee? \_\_\_\_\_

---

2. Inaaffaa garaa keessan keessa jiru fudhachuuf fedha qabduu? Iddoon koo in fudhatama jettanii yeroo isin sodaattan jiraa yookaan iddoon walitti dhufeenyaa bakka hojiitti yookaan manatti qabdanu balaa irra bu’a jettanii yeroon itti sodaattanii turtan jiraa? \_\_\_\_\_

3. Namani inaafaan milkaa'ina namoota kaanii, hiryummaa namoota kaanii, fi ayyaana jireenya hawaasummaa namoota kaanii keessa jiru sodaata. Hubannaan isaan waa'ee dandeettii ofii isaaniif kan namoota kan biraa qabanu yaada shakkii fi sodaachuu isaanitti fida. Miirri ga'umsa dhabuu isaan keessa jiru kun akka isaan namoota kaan hinjajjabeessinee fi akka isaan jechootaa fi amala ofitti amanuu ol kaasuu hindubbanne isaan taasisa. Inaaffaa irraa kan ka'e kan isin jechoota namoota jajjabeessanu bubbachuu irraa kan isin of qusattan yoom akka ta'e yeroo isaa beektuu? \_\_\_\_\_

KADHANNAA: Yaa Waaqayyoo Gooftaa koo, dandeettii fi beekumsa, kenna namoonni kan biraa qabanuun akkan sodaachisamaa ture harra fuula keetti himachuun barbaada. Namootan balleessuu barbaadaa ture deebisee irkisee dhaabuu irra, hojii koo irraan aryatamaa(hojii koon dhabaa) jedhee dodaachaan ture. Isaan irra caalaa gaarii fakkaadhee mul'achuuf jecha, dugda duuba isaaniitiin namoota hamadheera; kana keessatti ammo ofiin ofiikoo miidheera. Of jaalataa ta'uu koo fi waa'ee namoota kan biraa yaada qajeelaa dhabuu koo hundumaa naaf dhiisi. Waa'ee ofiif qofaa yaaduu keessaa bilisa nabaasii, karaan jireenya namoota kan biraa yaada ho'a qabeessaan; jechoota nama jajjabeessanuun, akkasumaa jechoota hojii jaalaa fi jaalalaa akkan qabaadhuuf nagargaari. Wantoota gaarii ta'an hundumaan jiraanyaa koo waan eebbisteef galanni siif ahta'u. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_



BARNOOTA JA'AFFAA

**GALAANA YAABOQ**

**CE'UU**

**SEERA UUMAMAA 32,33 -YAAQOOB WAAQAYYOO WAJJIN**

**WAL'AANSOO QABE**

---

---

**AGARSIISA TARTIIBA BARNOOTAA 6ffaa**

<b>Agarsiisa(Mul'istuu)</b>	<b>55</b>
Seensa	56
Barnoota 6ffaa : Seera Uumamaa 32,33	
• Yaaqoob Esaawuun arguuf qophaa'uu isaa	57
• Gareen Yaaqoob waliin jiru ga galaana Jaabooq ce'uu isaa	59
• Waaqayyo Yaaqoobiif maqaa haaraa kenne	60
• Obbolloonni sun walitti dhufani(tokko ta'ani)	61
• Beenyaa Yaaqoobii fi Esaawuun gidduu	62

***GALAANAA JAABOOQ CE'UU***

---

---

## SEENSA

Jireenyi Yaaqoob balaa tokko irraa gara balaa isa kan biraatti waan adeemaa jiru fakkaata. Inni yeroo kanaa maalii? Barnoota 6faa keessatti waa'ee badhaadhummaa Yaaqoob hubannaa arganna. Waaqayyo hedduminaan gosa Yaaqoob, qabeenyaa isaa,saawwa isaa, gaalotaa isaa fi hojjetoota isaa baay'iseera. Amma egaa yeroon Yaaqoob itti mana Laabaanii ba'ee qopfaa isaa adeemu ga'eera.

Garuu namni Yaaqoob wajiiniin tokko ta'uu (itti deebi'uu) yookaan beenyaa kaffaluufii barbaadu jira. Yaaqoobiif, waggoota dheeraa kana booddee illee, dhimmi hin xumuramne. Maal akka inni hojjechuu barbaadee fi haalota sana akkamitti akka inni too'annaa jala oolche hubadhaa. Mee yeroo fudhaatii, utuu isin ta'e maal akka gootan turtan, yookaan maal akka hin goone irratti yaada keessan calaqqisiisaa.

Haala Yaaqoob keessatti Waaqayyo akkaataa adda ta'een Yaaqoobitti of mul'isuu filate. Waaqayyoon wa arguun isaa bu'aa malii akka fide qalbeeffadhaa. Waaqayyo maal jedhee? Maal hojjetee? Yaaqoob irra maaltu ta'ee? Yeroo Waaqayyoo wajjin wal arginu maaltu ta'aa?

Barnootni 6ffaan kan nama dinqisiisuu dha. Badhaadummaa isaa kana hundumaan, Yaaqoob amanamummaan Waaqayyoo itti fufee akka jiraatu fi jireenyi isaa bara baraan abdiidhaan akka guutamu hubachaa jira.

*GALAANA YAABOOQ CE'UU*

---

---

## **Kuta 1ffaa**

SEENSA: Egaa, Esaawuu irra maaltu ga'ee? Hin badee? Deebi'anii wal arganiiruu? Obbolloonni lakkuun kun bifaan, amalaan, laphee yookaan garaadhaan garagara ta'uun isaanii ifaa dha. Tokkummaan isaanii diigamee, Esaawuun waan isa ajjeesuu barbaadeef, lubbuu isaa oolfachuuf jecha Yaaqoob sadarkaa baqatee baduu irra ga'eera Barnoota 6ffaa keessatti, Yaaqoobii fi Esaawuun waggoota dheeraaf erga addaan bahanii turanii booda yeroo deebi'anii wal argan maaltu akka ta'e baranna. Yaaqoob sooromeera . Maatii baay'ee fi badhaadhummaa guddaadhaan eebbifameera. Amma egaa yeroon inni obboleessa isaatiin wal argu ga'eera. Esaawuun amma illee ijaa ba'ee obboleessa isaa ajjeesuu barbaada jiraa? Amma Yaaqoob mul'achuuf jedha.

ABBALTII: Seera Uumaa 32:3-21 dubbisaa. .Hubbachiisa: Barumsi kun kutaa bal'aa haammata, garuu tokko tokkoon gadi fageenyaan hin qo'atamu.

SHAAKALA: Yaaqoob obboleessa isaa wajjin quunnamtii eegala.

1. Lakkoofsa 3 keessatti Yaaqoob jalqaba maal hojjetaa?

\_\_\_\_\_

2. Esaawuun eessa jiraa?

\_\_\_\_\_ Yeroo

fudhaatii kaartaa ilaaluun, Edoom eessa akka taate agarsiisaa. Iddoon kun biya Se'iir jedhamees hin waamama. Edoom naannoo daangaa Kibba bahaa galaana ciisaa deed sii jedhmuu yookaan galaana ciisa Ashaboo/soogiddaa jedhu keessatti kaba-bahaatti argamti.

3. Ergaa obboleessa isaatiif ergetti wantoonni sadii Yaaqoob dabaluu barbaadu maalii?

a. \_\_\_\_\_

b. \_\_\_\_\_

c. \_\_\_\_\_

Yaaqoob eessa akka turee fi qabeenya horachuu isaa Esaawuun akka beekuufii, faara tolaadhaan akka isa simatu barbaade. Yaaqoob faaraa tolaa obboleessa isaatii Esaawuu bitachuuf dandeettii fi fedha akka qabuufii, akkasumas firoomni obboleessa isaatii qabeenyaa ofii isaa irraa akka caaluu agarsiisa.

4. Lakkoofsa 6 keessatti namichi ergaa deeme sun Yaaqoobiif gabaasa akkamii fidee dhufee? \_\_\_\_\_

5. Lakkoofsa 7-8 keessatti gabaasa ergamaan sun isaaf fideef deebiin Yaaqoob maal turee? \_\_\_\_\_
6. Karoorri tarkaanfii Yaaqoob battaluma sanatti qopheeffate maalii?  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
7. Yaaqoob Waaqayyoon kadhate. Lakkoofsa 9-12 keessatti dhimmi ijoo kadhannaa isaatii maal turee. Wantoota afur ilaalaa:
- Waaqayyo eenyuudhaa (Lakkoofsa 9)? \_\_\_\_\_
  - Innoo eenyuu (Lakkoofsa 10)?  
\_\_\_\_\_
  - Maal kadhataa (Lakkoofsa 11)?  
\_\_\_\_\_
  - Waaqayyoo maal kakuu galee turee (Lakkoofsa 12)?  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
8. Karoorri Yaaqoob baafate akka inni obboleessa isaa Esaawuun sodaate agarsiisa .Akka geggeessaatti dhaabatee maatii isaa, saawwan isaa, miseensota maatii isaatii geggeessuu irra, maatii isaa fi qabeenyaa isaa gargar qoodee, kennaa Esaawuuf kennu, filachaa ture.Kennaan sun maayinnii(lakkoofsa 14-15)? Wanti Yaaqoob sirriitti filate maalii?
- Ree'oota: \_\_\_\_\_
  - Bushaayee : \_\_\_\_\_
  - Gaalota: \_\_\_\_\_
  - Saawoota : \_\_\_\_\_
  - Harroota : \_\_\_\_\_
9. Qabeenyaa sana eenyutu geggeessaa(Lakkoofsa 16)?  
\_\_\_\_\_
10. Hojjettoonni Yaaqoob, Esaawuun yeroo arganu maal akka itti himanu isaanitti himee(lakkoofsa 17-20)? \_\_\_\_\_

---

---

11. Lakkoofsi      20      dunkaana      Yaaqoob      mul'isa      Maal      yaadu  
turanii\_\_\_\_\_

---

---

Kennaan sun Yaaqoobiin dursee hojjetoota isaan geggeefamee fuula duraa adeeme.  
Yaaqoob boodatti hafee halkan sana godoo keessa bule.

### **Kutaa 2ffaa**

YAADA OFII CALAQQISIISUU : Geggeessummaan in geggeessa. Geggeessummaan duuka bu'aa yookaan nama hordofu qaba. Yaaqoob mattaa( angafa) yookaan itti gaafatamaa qomoo isaati. Amma egaa obboleessaa isaa fi namoota 400 isaa wajjin jiranuu wajjin wal arguuf jedha. Kan deensa sana geggeessu eenyuun ergaa laataa? Hojjetoota isaa! Namoonni kun kennaa Yaaqoob obboleessa ofii isaa tasgabbeessu fi akka Esaawuun nagaadhaan isa simatu godhu jedhamee yaadame geessaa jiru.

1. Tole egaa isin gara buufata televizi'oonaa deemtanii akka waa'ee obboloota kanaa gabaasa qindeessitanu buufatich isin erga. Gaaffilee Yaaqoobiin gaafachuu barbaaddanu muraasa qopheeffadhaa. Gaaffileen isin Raahelii fi Liyaa gaafachuu barbaaddan maal faadhaa?\_\_\_\_\_

---

---

2. Gama keessanii amala Yaaqoob akka taatota tokkootti qabu akkamiin ibsituu?

---

---

3. Gabaasni hubattan kan isin dhiheessuu qabdanu maalii?

---

---

---

## DHUUNFAAN HOJII IRRA OOLCHUU

1. Taayitaa geggeessummaa irra teessanii, yeroon isin geggeessummaan rakkisaa ta'uu isaa itti argitan jiraa? Haala sana keessatti keessummatti sodaanii fi dhihinni geggeessummaa keessan irratti dhiibbaa fide maal turee? \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

Fakkeenya yeroo itti gaafatamummaa irra jiranu geggeessuu dadhabuu: Yeroo tokko tokko maatiin gahee geggeessummaa isaanii fudhachuu dadhabu. Ijoollonni qajeelfamaa fi geggeesaa maatii irra barbaadu. Ijeelleen akka maatiin isaanii qajeelfama isaaniif kennanu, daangaa isaan keessa socho'uu danda'anu akka maatiin kennanuu fi fakkeenyummaa gaarii fi duudhaa ammatanii guddatanu maatii irraa barbaadu. Maatii ijoollee isaanii yoo geggeessuu dadhabani, akkasumas mana keessatti ejjennoo geggeessitummaa gaarii qabaachuudhaa yoo baatan, carraa ijoollee isaanii daandii qajeelaa irra geggeessuuf qabanu of harkaa baasu. Yeroo bay'ee ijoollonni murtoo mataa isaanii gochuu jalqabuun, geggeesaa maatiin ala, walitti bu'iinsa jeequmsaa fi abboomamuu diduutti geessu eegalu.

2. Fakkeenya geggeessummaa kan biraa kan isin quunnamee beeku mee tarreessaa.
  - a. Eebbi geggeessummaa cimaa maalfaa dhaa?  
\_\_\_\_\_
  - b. Dhiibbaan geggeessummaa dhadhabaa(geggeessummaa geggeessuu dhadhabee) maal faadhaa? \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

ABBALTII: Seera Uumamaa 32:22-32 dubbisuu itti fufaa.

**BARSIIISA:** Yaaqoob haadha manaa isaatii lamaan, xomboreewwan isaa fi ijoollee isaa fudhatee galaana Yaabooq ce'e. Kaartaa isa biyya gosa kudhalamaanii agarsiisu irraa galaana Yaaboo barbaadaa argaa. Yaabooq galaana ciisaa Galiilaa fi galaana ciisaa galaana du'aa(dead see) jedhamu gidduutti argama. Galanni kun galaanota walakkaatti argama; bishaanni isaas gara baha irraa gara gara galaana Yaabooqitti yaa'a. Yaaqoob Kaaba keessa Kaaraan irraa gara Beershabee kibbatti dhufe. Esaawuun immoo biyya se'ir yookaan Edoom isa gara Kibba bahaa galaand du'aa(Dead Sea) irraa dhufaa jira.

SHAAKALA: Yaaqoob matii isaatii fi waan qabu hundumaa galaana Yaabooq erga ceesisee boda, halkan sana kopha hafe(Seera Uumamaa 32:22-24a).

1. Halkan sana maaltu ta'ee(Lakkofsa 24b- 26)?

---

---

---

2. Yaaqoob halkan guutuu nama tokko wajjin wallaansoo qabe. Kan iinni wajjin wallaansoo qabe kun Waaqayyo ta'uu nutti himameera. Yaaqoob namaicha gadhiisuu dide. Namich maal godhee(Lakkoofsa 25)?

---

3. Yaaqoob haala abdiin nama kutachiisu keessa jira. Obboleessi isaa itti dhufaa jira. Yaaqoob lakkoofsa 26 keessatti Waaqayyoon maal gaafatee?

---

4. Namich sun Yaaqoobiin maqaa isaa gaafachuudhaan debii deebise. Sana booda Yaaqoobiin kana booda maqaan isa Yaaqoob akka hin jedhamne itti hime. Maqaan Yaaqoobiif kenname maayinnii?\_\_\_\_\_

5. Faayidaan maqaa Yaaqoob isaa haaraa maalii?

---

6. Lakkoofsa 29 keessatti Waaqayyoo Yaaqoobiin eebbisuu isaa baranna. Yaaqoob iddoo sana \_\_\_\_\_ jedhee moggaase.

7. Kun maal

jechuudhaa?\_\_\_\_\_

Waa'ee foon sulluudaa Yaaqoob ilaalchisee dhimmi barbaachisaanii fi shaakalli

Israa'elotaa maalii(32)?

---

---

### Kutaa 3ffaa

BARSIIISA: Waaqyyo maqaa Yaaqoob Israa’elitti jijjiire. Waggoota dheeraan dura Waaqyyo maqaa Abraam Abrahaamittin, akkasumas Saaraayiin Saaraatti jijjiireera. Amantiin fudhatamummaa qabu, inni maqaa kenne isa nama hundumaa fi wantoota maqaa qabanu hunda irratti aboo qabuu dha. Fakkeenyyaf Seera Uumamaa 2 keessatti akkuma yaadattanu, uumama hundumaaf Addaamtu maqaa baase Hundumaa irratti kana boon kennameef Addamiif.

Waaqyyo karaa adda ta’een Yaaqoobitti dhufeera. Wal’aansoo sana isa moo’uu keessatti namich foon sulluuda isaa, walga’ii luka isaa irraa jiru jabeessee qabee. Yaaqoob namichi akka isa eebbisu kadhate. Namich Yaaqoobiin maqaa gaafatee, kanaan booda maqaan kee Israeel jedheen. Maqaa moggaasee, Waaqayyoo Yaaqoobiif jiraanya isaa irratti abbaa aangoo fi geggeessaa jireenyaa isaa akka ta’uuf itti hima. Amma egaa waaqeffannaa haaraa, bulchiinsa haaraa keessa jira. Waaqyyo Gooftaan inni Abrahaamiif fi Yisihaaq kakuu gale, amma isaa akka baay’ina araara isaatti lubbuu isaa kenne, kan isaa ta’uu isaa mirkaneessa. Kanaaf Yaaqoobiin Eebbise.

DHUUNFAAN HOJII IRRA OOLCHUU: Bara qaroominaa keenya keessatti haala akka kanaa arguun rakkisaa miti. Mee maqaa keessan ilaala. Yeroo dhalattan mukummaa keessanitti maatiin keessan maaqaa isiniif kennaniiru. Tarii maqaan keessan utuu isin hospitaala keessatti dhalattan keessaa hinba’in murteeffamee, raga(kaardii) dhalootaa keessan irratti galmeeffame ta’a.

1. Maqaan isiniif kenname maal turee? \_\_\_\_\_
2. Maqaan keessan hiikni isaa maal jechuu dhaa? \_\_\_\_\_
3. Maqaa nama kan biraatu isiniif moggaafamee? \_\_\_\_\_
4. Eenyutu maqaa isin moggaasee, isin irratti aboonii fi itti gaafatamummaan kennameefii? \_\_\_\_\_
5. Waa’ee yaada namni tokko isin irratti geggeessitummaa yookaan aboo qabaachuu ilaalchisee deebiin keessan maalii? Kun yaada haaraa dhaa? Maqaan keessan yeroo



hundumaa isuma isin amma qabdanuu dhaa? Tarii namni maatii keessan hinta'in isin guddifatee, heerumtani/fuutanii, yookaan haadha manaa yookaan abbaa manaa keessaniin wal hiiktanii, maqan biraa isniif kennameera ta'a. : Mee yaada keessan barreessaa? \_\_\_\_\_

---

6. Waaqayyo akkuma maqaa Yaaqoob jijjiiree, jireenya isaaf itti gaafatamaa ta'e, akkasuma nuuniis nuwaamee, waa'ee jireenya keenyaaf itti gaafatamaa nuuf ta'uu barbaada. Waaqayyo nurratti aboo qabaachuu barbaada. Geggeessummaa isaa akka fudhannuu fii laphhee keenya irratti moo'uu barbaada. Yeroo Waaqayyoo jireenya keessan eebbisuuf akka isin Gooftummaa isaatii fi aboo isaa jala galtanuuf isin affeeruu isaa ilaaltanu yaadni sammuu keessanitti dhuf maalii?
- 

KADHANNAA: Guutummaan yaada aboo kee jala of galchuu, Yaa Gooftaa, waan namaaf galu miti. Kana jechuun ani kanaan booda waa'ee jireenya kootiif nama itti gaafatamummaa qabu itti; amma itti gaafatamaan jireenya kootii si'ii dha. Sana jechuun maal jechuu akka ta'e ani hin beeku. Wanttoonni jijjiiramanu akkamitti akka jijjiiramanu ani hinbeeku. Waan ani hojjedhuu fi akkaataa ani jireenya koo jiraadhu irratti garagarummaa akkamii gootaa? Yaa Waaqayyo laphhe/garaa si aammatuu fi kan akka Yaaqoob amma ati eebbistutti si gadhiisuu didu naaf kenni. Jaalala kee isa guddaa barabaraan jiraatuuf galanni siif hata'u.

---

---

---

---

## **Kutaa 4ffaa**

ABBALTII: Seera Uumamaa 33:1-17 dubbisaa

SHAAKALA: Jireenya Yaaqoob keessa jijjiiramni dhufeera. Hubadhaa! Yaaqoob obboleessa isaa kan namoota 400 wajjin dhufaa jiru arguu jedha. Maatii isaa isa xiqqoo iraa kaasee haga isa guddaatti toora galche. Jalqaba tooraa/iriiraa sana keessa xomboreewwanii fi ijoollee isaanii, itti aantee Liyaa fi ijoollee ishee, Raahel ishee caalchisee jaallatuu fi Yoosefiin immoo hunduma isaanii boodde buuse.

1. Lakkoofsi 3 maal jedhaa?

\_\_\_\_\_

Yaaqoob gara fuul duraatti adeeme. Dura bu'ummaa (geggeessitummaa) fudhate. Fuula isaa gadi gombisee qoomma'ee obboleessa isaa duratti gad of deebise. Yeroo obboleessa isaa arge deebiin Esaawuu maal turee? \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_ Esaawuun gara Yaaqoobitti fiigee, itti marmee, haammatee dhungatee, lamman isaanii walitti boo'ani. Yeroo sana utuu achi turtaniittu ta'ee hinjaallatanu turtanii What a celebration!

2. Lakkoofsa 5-7 keessatti Esaawuun maatii Yaaqoobii wajjin wal-bare. Yaaqoob waa'ee ijoollee sanaa akka jedhee Esaawuutti hime, “ Isaan

\_\_\_\_\_ Waaqayyo

\_\_\_\_\_ ana garbicha keetiif

\_\_\_\_\_ “Jarri babbareedduun

kun ayyaanaa \_\_\_\_\_ Yaaqoobiif kennamani.

3. Itti aansee Esaawuun Yaaqoobiin akkas jedhee gaafate, “ kutata buufatee ani arge sana hundumaa immoo maaliif yaade?” Lakkoofsa 8 keessatti Yaaqoob maal jedhaa?

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

4. Itti fufee amansiisuu yaaluu fi diduu gaarii obboloota kana lamaan gidduu jiru hubadhaa. Jalqaba Esaawuun lakkoofsa 9 keessatti kennaa Yaaqoob dhi'eesseef dida. As keessatti maal jedhaa? \_\_\_\_\_

5. Garuu Yaaqoob ittuma cimsee akka inni tole jedhu gaafate. Maal jedhaa? \_\_\_\_\_

Yaaqoob Esaawuun obboleessi isaa akka isa simatuuf Waaqayyo gaarummaa isaa isatti agarsiise Esaawuun beeksisuu barbaade. Inni waan isa barbaachisu hundumaa qaba(lakkoofsa 11 Booda irratti, itti cimee kadhachuu Yaaqoob irraa kan ka'e Esaawuun kennaa Yaaqoob in fudhate.

6. Esaawuun Yaaqoobiin geggessee gara biyya see'ir geessuu barbaade,garuu Yaaqoob karoora Yaaqoob, obboleessa isaatii Esaawutti maal himee? Jechoota keessaniin barreessaa.

7. Esaawuun namoota isaa keessaa muraasa akka isaan karaa irratti isa gargaaranuuf Yaaqoobiif dhiisuu barbaade,garuu Yaaqoob maal jedhee deebiseefii?

8. Gaafas Esaawuun karaa isaa irra gara Si'erritti(Edoom) deebi'e. Yaaqoob maal godhee?

Yaaqoob gara iddoo is Suukkoot jedhamee moggaafamee isa kallattii faallaa Si'eritti argamuu deeme. Yaaqoob suukootitti, maatii isaatiif godoo, horii isaatiifis gaaddisa ijaare

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Yaaqoobiif, Esaawuu gara isaatti fiigee, itti marmee, haammatee dhungatee, deebi'anii wal arguu isaaniitiif gammachuudhaan walitti boo'anii tokko ta'uun isaanii boqonnaa akkamii kenneefii. Kennaan Yaaqoob ittiin obboleessa isatti araaramuuf karoorfate barbaachisaa hin turre,garuu lamuu dee'ianii wal arguu isaaniitiif gaarummaadhaan

fudhatame. Nmoonni kun obboloota lakkuudha. Akka ijoollota maatii baay'ee keessaa dhufanii osoo hinta'in, jarri kun obboloota ijoollee maatii tokkoo,kan Yisihaqii fi Ribqaa turani.

Wanti barbaachisaan, Yaaqoob obboleessa isaatii wajjin gara Si'er hin deemne, garuu Waaqayyo gara biyya abbaa isaatii fi gara kakuu isa Yaaqoobii fi dhaloota isa booddee dhufuuf jiruuf kennuuf kakuu galuu Waaqayyoo amane.

DHUUNFAAN HOJIITTI JIJJIIRUU: Walitti deebi'anii tokko ta'uun obboloota gidduutti uumameera. Jireenya keessan keessatti namni isin firooma yookaan walitti dhufeenya addaan citee ture wajjiniin sirreessuu barbaaddanu jiraa? Wanti jedhamee yookaan hojjetamee tokkummaa kana gargar diiguuf sababa ta'e maalii

---

Waaqayyo Yaaqoobiif gaariidha waanta'eef, tokkommaa obboloota kana lamaanii kan gargar cabee ture fayyisee, guutuu taasise. Jireenya keessan keessaa wanroota gargar ba'e yoo jiraate Waaqayyo isiniifis akkasuma isiniif godha.

Yaa Waaqayyo Gooftaa, waan ani qabu hundumaa gaarumma keetiin naas kenniteetta. Kan naaf kenname keessaa ani tokko illee argachuuf nama male miti. Yeroo tokko tokko kan anaaf kennane caalaa akkan barbaaduttin ofii koo yaada. Yeroo tokko tokko irra caalaan barbaada ,garuu yeroon amanamummaadhan wantoota ati anaaf kennite yaadu,singalateeffadha. Karaa kamiin iyyuu ata'u, malee, namoota ani gaddisiise natti mul'isi. Akkan dhiifama barbaaduufi , akka ati gargar ba'iinsa nu gidduutti uumamen fayyistutti araaraa gochuu akkan danda'u jabina naaf kenni. Ati kan nu jaallatuu fi walii walii keenyaa wajjin nagaan akka jiraannu kan nu dandeessisuudha.

---

---

---

---

## **Kutaa 5ffaa**

BARSIIISA: Duraan dursinee barnoota baay'ee waa'ee Yaaqoob , lakkuu isa gowwomsichaa, isa haadha isaatiin gargaaramee angafummaa obboleessa isaatii fudhatee akkasumas abbaa isaa harkaa eebba fudhatee baranneerra. Isaa wajjin amma biyya Kaaraan, bakka inni Esaawuun jalaa itti baqateetti deemneerra. Erga eessummi isaa Laabaan isa gowwomsee booda, Yaaqoobiif intaloonni Labaan lama haadaha manootii isaa ta'anii kennamaniiruuf. Kutaa barnootaa isa dhumaa kana keessatti, ijoollota dhiiraa Yaaqoob kudha lamaan wajjin wal barree, erga inni waaqayyoo wajjin wal argee booda obbolloonni lamaan(Esaawuunii fi Yaaqoob) nagaadhaan wal arguu isaanii ilaalleerra.

Seera Uumamaa 35 keessatti Yaaqoob Esaawuun dhiisee gara Beeteel, bakka Waaqayyo abjuudhaan isatti mul'ate akka dhaqe baranneerra(Seera Uumamaa 28:10-15) Waaqayyo yeroo lammaffaadhaaf isatti mul'atee, isa eebbisee maqaa haaraa,Israa'el jedhee isaaf moggaase (Seera Uumamaa 35:9-13). Booda irratti boqonnaa kana keessatti,Raahel ilma ishee Biiniyaamiin deessee akka duute baranneerra. Biiniyaam ijoollota Yaaqoob keessa isa quxisuu dha. Yaaqoob Raaheliin baayyee waan jaalchaa tureef, Biniyaamii fi Yooseefiin hunda irra caalchisee mararsiifata ture. Lakkoofsa 27-29 keessatti Yaaqoob biyya abbaa isaatii mandaraa Keebroon keessatti argamtututti akka deebi'e baranneerra. Yisihaq waggaa 180 jiraatee, yeroo inni du'e Esaawuu fi Yaaqoobtu isa awwaale.

Boqqonnaan 36 seenaa hidaa sanyii dhalootaa Esaawuu nutti hima. Horiin isaanii waan baay'ataniif lafti isaan ga'uu didnaan, Esaawuun gara Edoom, biyya Se'iir biyya tulluun itti baay'atu sana keessa taa'e. Innis warra se'iir biyya tulluun itti baay'atu sana keessa jiraatanuuf, warra Edoomiif, abbaa ta'e. Esaawuum Waaqa abbaa isaatii isa kan Yishaaq irraa garagalee warra Kanaanii fi warra Heetii keessaa niitii fuudhe.Sabni kun immoo saba Waaqayyo filate hinturre.

Sana booda Yaaqoobii fi Esaawuun takkaa wal arganii beekuu laataa? Waa'ee kanaa macaafni qulqulluun homaa nutti hin imu. Wanti nuti beeknu, kutaa macaafa qulqulluu kan biraa keessattii waa'een Esaawuu yeroo ibsamu, waa'een isaa akka karaa qajeelaa irra hin jirree dha. Yeroo

sabni Isaa'eel gara biyya abdachiifameetti galuuf jedhanu, warri Edoomotaa rakkina guddaa jara irraan gahaniiru. Warri Edoomotaa kun waaqota tolfamaa isa waaqeffachaa turan calaqqisiisani.

Abrahaam ijoollota dhiiraa lama qabaachuun isaa akkam gaarii ta'ee; inni jalqabaa Waaqayyo isa kan abbaa isaatii irraa deeb'ee yeroo gara biyya Gibxii deemu,ilmi inni kan biraa,Yisihaaq, kakuu Waaqayyo abbaa isaatiif gale baatee itti fufsiise. Amma egaa Yisihaaq ijoollota dhiiraa lama qaba. Ilmi inni tokko Waaqayyo isa kan abbaa isaatii irraa deebi'ee biyya warra Edoom jiraachuuf yeroo deemu, ilmi inni kan biraa,Yaaqoob, kakuu Waaqayyoo isa akaakayyuu isaa irraa gara isaatti darbe baatee waan jiruuf, gara biyya abbaa isaatii ishee Kaaraan keessatti argamtuutti deebi'ee. Maatii tokko keessaa kan karaa abbaa isaa fudhatee hordofuu fi kan gutummaan guutuutti irraa deebi'utu dhufe.

DHUUNFAAN HOJII IRRA OOLCHUU: Maatii dhuunfaa keessanii fi ilaacha ofii keessaniif duudhaa fi karaa abbaan keessaniif haati keessan irra adeemaa turaniif qabdanu yaadaa. Namni tokko jalqaba irratti karaan maatiin isaa(Abbaa fi Haadha) irra deemaa turan karaa Waaqayyoo wajjin waliigalu ta'uu isaa fi ta'uu dhiisuu isaa addaan baasee hubachuu qaba. Kanatti aansee karaan ofii isaatii maal akka ta'e yaaduu qaba. Maatiis ta'ee mucaa, hojjetaas ta'ee hojjechiisaa, barataas ta'ee barsiisaa; hundumti keenya iyyuu addunyaa(biyya lafaa ) cubamaa keessa, akka cubbamaatti waan jiraanuuf in dogoggorra. Garuu waamicha Iyyesuus akka gara isaa dhufnee isa hordofnuuf affeerraa nuuf godhu dhaga'uu ni dandeenya.

Garaan keessan Waaqayyo isa waan isin barbaachisu hundumaa isiniif kennu duukaa bu'uuf gara isatti garagaleeraa? Garaan keessan gara Waaqayyoo isa ittuma fufee isaa wajjin tokko ta'uutti,tokko ta'uu isa keessatti ilmaa isaa taatanutti, isin affeerutti deebi'eeraa? Abbaa fi haati keenya warri lafa kana irraa yeroo dadhabanu, Waaqayyo abbaa keenya nuuf ta'uu barbaada; ijoollee koo nuun jedha. Macaafa Sefaaniyaa 3:17 keessatti Waaqayyo akka tutti gammadu baranna. Guutummaa sagalee lakkoofsa kana keessa jiruu armaan gaditti barreessaa:

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

SAMMUUTTI(YAADATTI)QABACHUU: Macaafni Sefaaniyaa 3:17,kutaa macaafa qulqulluu keessa lakkoofsa isin sammuutti qabachuu qabdanu keessaa isa tokoo dha. Kun fakkii bareedaa gammachuu abbaan ilma isaatti qabaatu agarsiisuu dha. Ammas irra deebitanii lakkoofsa kana kaardii yaadannoo(kaardii indeeksii) keessan irratti akka barreessiitanuu fi guyyoota itti aananii dhufanu keessatti sammuutti qabattanii akka kan dhuunfaa keessanii godhattanu isin jajjabeessina.

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo Gooftaa ati abba keenya ta'uu barbaaddeetta. Yeroo tokko tokko hojii cubbuu abbaan keenya inni biyya lafaa hojjete irraa kan ka'e fakkiin nutti waan

abbaan ta'e ilaalchisee qabnu kan bade(manca'e) dha. Jaalala keetii jireenya koo keessa guutu akkan argutti ija koo naaf bani. Jaalallii kee waan ani barbaadu hundumaa naaf guuta. Jaalallikee kan ani hubachuu danda'u olitti anaaf kenna. Jaalalli ati anaaf qabdu akka ati ana hin ganne si godhee, akka ati yeroo hundumaa anaa wajjin taatee, waan hamaa hundumaa iraa na oolchitu si godha. Ati anatti gammadda. Kana hubachuun anaaf baay'ee rakkisaadha; keessumattuu yeroo ani akka cubbuun lapheekoo (garaa) koo keessa guutee jiru beeku,jaalala kee isa guddaa kana hubachuun na rakkisa. Jaalala keetiin afaan naqabachiitii, faarfannaadhaan anatti gammadi. Ani si keessattan boqodha. \_\_\_\_\_

---

---

---

---

KUTAA KEESSA DEEBII

**AMANAMMUUMMAA  
WAAQAYYOO, ABDII  
KEENYA**

---

*AMANAMUMMAA WAAQAYYOO, ABDII KEENYA*

---



## KEESSA DEEBII

Shaakalli addaa kun kan qophaa'eef, waa'ee taatota kakuu moofaa kanaa: Waa'ee

Yisihaaq, Ribqaa, Esaawuu fi Yaaqoob, hubannaan keesaan guddachuu isaa fi beekumsa argachuu keessan mirkaneessuudhaafi.

1. Jechoota ofii keessaniitiin amala tokkoon tokkoon isaanii kan ibsu hima walii gala tokko tokko barreessaa:
  - a. Yisihaaq  
\_\_\_\_\_
  - b. Ribqaa \_\_\_\_\_
  - c. Esaawuu  
\_\_\_\_\_
  - d. Yaaqoob  
\_\_\_\_\_
2. Bara qaroominaa kana keessatti tarii maatii kana akka waan waa'ee hin baasneetti ibsuu dandeenya ta'a. Haalli namummaa isaanii akkuma jirutti ta'ee, namoota kanaa fi ijjoollota dhiiraa Yaaqoobiif amanamummaa Waaqayyo jechuun maal jechuu akka ta'e maryadhaa. \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
3. Amalli Waaqayyo maatii kanaaf qabu, amala maatii kanaatiin dhiibbaa irra hin geenye. Wati isaan gochuu danda'anii fi wanti isaan gochuu hindandeenye, jaalala Waaqayyo isaaniif qabu dhowwu hindandeenye. Qo'anaa kana keessatti waa'ee Waaqayyoo wantoota barattan keessaa akka isin amanamummaa isaaa amanattanu(Yohaannis 3:33) fi baay'ee isin jaallachuu isaaa irraa kan ka'e Ilam isaa Iyyesuusiin isa jireenya bara baraa isiniif kennu isiniif kennuu isaa akka mantanuuf wanttoonni sabaabiosiniif ta'an maalii(Yohaaniis3:16)? \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

4. Maqaa baay'ee; maqaa namaa fi maqaa biyyaa, barattaniittu. Mee bashannanumaaf kanneen armaan gadii walitti firoomsaa:

- |                 |   |
|-----------------|---|
| a. Biyya Se'iir | 1. biyya dulloomaa                                    |
| b. Kaaraan      | 2. Dhaala mucaa angafaa                               |
| c. Laabaan      | 3. Angafoota/abboota saba Israa'el                    |
| d. Bet'el       | 4. Iddoo abjuu Yaaqoob                                |
| e. Kurnoo       | 5. Edoom  |
| f. Eebba        | 6. Maqaa Yaaqoo isa haaraa                            |
| g. Angafummaa   | 7. Waantoota Waaqayyo Yaaqoobiif kenne keessaa kudhan |
| h. Abbummaa     | 8. Jechoota jireenya mucaa ilmaa bulchanu             |
| i. Israa'el     | 9. Obboleessa Ribqaa                                  |

Baga gammadani! Waa'ee *Amanamummaa Waaqayyoo*, *Abdii keenya* jedhu xumurtaniittu. Amma seenaa macaafa qulqulluu kakuu moofaa keessa jiranu baraa jirtu. Karaa jireenya namoota kanaatiin, jaalala Waaqayyo tokkumaadhaan isaanii wajjin jiraachuuf qabu ragaa argina. Fedhiin isaa nuu wajjinis jaalala kanaan wal fakkaatuun tokkummaa dhaan nu wajjin jiraachuu dha. Affeerraan isaatii isinii fi anaafi. Isa akka Waaqayyoo keenya godhannee akka simannu, Ilma isaa Yesuus Kirstoosins akka fayisaa keenyaa fi abdii fayina keenyaatti akka simannu nu affeera. Qo'annaa keessan ittuma fufaa. Oduu gammachiisaa baay'eetu jiraa!

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo Gooftaa, Ati Abbaa kooti. Qo'annoo sagalee keetii keessaan ofii kee anatti mul'isuu itti fufi. Yeroo karaa seenaa fi karaa jireenya namoota Ati filattee natti dubbattu akkan dhag'uuf garaa koo naaf bani. Waa'ee seenaa koo isa gadhee duraanii utuu hin ilaalin anatti fayyadamuu filachuu Kee akka nai yaadu na gargaari. Ati jireenya koo abdii fi kaayyoodhaan guuti. Akkuma ati na eebbiste, namoota kaaniif eebba akkan ta'u na gargaari. Inni kun immoo jaalala keeti. Sababa Ati anaaf amanamaa naaf taateef, fedhiin kee fedhiikoo ta'eera.

---

---

---

---

Qo'annoon macaafa qulqulluu KiroosKonneeki kun dabalataan kaffaltii malee, bilisaan marsatiitii

armaan gadii irraa waraabachuu dnada'ama.

Marsariitii kana daawwadhaa: [www.crosscm.org](http://www.crosscm.org).

Isini irraa haa dhageenyu, nutti himaa!

Teessoo kanaan nu quunnamaa(nuuf barreessaa): [admin@crosscm.org](mailto:admin@crosscm.org)